



Qom
Qom
90939

أريد أن أتوب ولكن...

TAWBACHUUN BARBAADA GARUU...

Qopheessaa

Muhammad bin Saalih Al-Munajjid

Hiikaa

Gaalii Abbaaboor

Gulaala

Shekh Jamaal Shekh Muhammad



OROMO
OROMOO
أورومو

أريد أن أتوب ولكن...

تأليف

الشيخ محمد بن صالح المنجد

ترجمة

الداعية غالي أبابور

مراجعة

الداعية جمال محمد أحمد



This book is the property of the Osoul Center. Permission is granted for it to be stored, transmitted, and published in any print, electronic, or other format - as long as the Osoul Center is clearly mentioned on all editions, no changes are made without the express permission of the Osoul Center, and a high level of quality is maintained.



+966 504 442 532



+966 11 445 4900



+966 11 497 0126



P.O.BOX 29465 Riyadh 11457



osoul@rabwah.com



www.osoulcenter.com



Bismillaahi Rrahmaani Rrahiim

BAAFATA

1	Baafata	5
2	Yaada gulaalaa	9
3	Dursa abbaa hiikee	11
4	Dursa kitaabaa	17
5	Dursa waa'ee badii dilii tuffachuun qabu dubbatu	21
6	Ulaagaa tawbaatiifi waan isii guutuu taasisu.	25
7	Tawbaa guddoo	35
8	Tawbaan badii isheedhaan duraa ni haqxi	39
9	Sila Rabbiin naaf araaramaa?	43
10	Tawbaa namicha namoota dhibba ajjeesee	47
11	Yeroo dilii hojjadhe akkamin godha?	53
12	Bu'aa isaa	57
13	Warri hamtuu na ari'uoo	59
14	Isaanoo na dinninuu	63
15	Diliin koo jireenya kiyya narratti jeeqa	69
16	Dilii kiyya ofirratti amanuun qabaa?	71
17	Fatwaa barbaachiftuu warra tawbatuuf	77
18	Xumura	99



Yaada gulaalaa

Kitaabni Towbachuun barbaada garuu...

jedhamu kuni irra filatamaa kitaabban waayee towbah keessatti qopheeffame keessa isa tokko. Abbaan isa qopheesses sheekha guddaa beekamaa shekh Muhammad saalih almunajjid_Rabbi irraa haajaalatu. Akkana jechuun nama beekamaatu kitaaba beekama ummata muslimaatiif gumaache jechuudha. Ustaaz gaalii abbaaboor carraaqa jabaa godhee afaan keenya afaan oromootti hiikee akka ummanni keenya waayee towbaa murteessituu tana afaan isaatiin dubbisee hubatu godhe. Rabbiin kan kqopheesseefii kan hikes isaan lameenu irraa haajaalatu, jannataanis galata haa galchuuf. Nutis gulaallee maxxansaafii karaa interneetiinis raabsinee akka ummata keenya bira gayu goone. Rabbiin nurraa haaqeebalu. Dhumarratti ummata keenyaa hundaan keessaattu dargaggootaafii barattootaan kitaaba kana akka dubbistanii irraa barattan isinii dhaamsa dabarsina. Jaarraan jirru jaarraa beekkomsaa, saayinsiifii teeknoolojii waan taheef barnoota islaamaarratti akka jjaajjabaattan isiniin jennaa. Barnootaafii ogummaa qabdaniinis diin keessan akka tajaajiltan isin yaadachiisna.

Shekh Jamaal shekh Muhammad
shekhjamal@yahoo.com
F/B: Abu Saalih Almuhajiri
00966505697461 KSA Riyadh





Dursa abbaa hiikee

الحمد لله رب العالمين والصلاة والسلام على رسول الله نبينا محمد وعلي
آله وصحبه أجمعين.

Maqaa Rabbii Akkaan Mararfataa Akkaan Rahmata
Godhaa Ta'eetiin.

Dhugumatti faaruun hunduu kan Rabbiiti; Isa ni faarsina. Gargaarsas isa irra barbaanna. Dhiifamas Isa irraa barbaanna. Hamtuu lubbuu keenyaatii fi diliwwan dalagaa keenyaa irraa Rabbitti maganfanna. Nama Rabbiin isa qajeelche wanti isa jal'isu hin jiru; nama inni jallise immoo wanti qajeelchu hin jiru. Dhugaan gabbaramaan Rabbii tokkicha hiriya hin qabne malee hin jiru jechuu ragaan ba'a. Muhammadis gabricha isaatii fi ergamaa Isaa ta'uu ragaan ba'a ﷺ.

Rabbiin ol tax'e ni jedhe:

يَا أَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا اتَّقُوا اللَّهَ حَقَّ تَقَاتِهِ وَلَا تَمُونُوا إِلَّا وَأَنْتُمْ مُسْلِمُونَ ﴿١٠٢﴾

[آل عمران: ١٠٢]

“Yaa warra amantan! Dhugaa sodaa isaa Rabbiin



sodaadhaa; Muslimoota taatan malees hin du'inaa."

(Aali Imraan: 102)

﴿يٰۤاَيُّهَا النَّاسُ اتَّقُوا رَبَّكُمُ الَّذِي خَلَقَكُمْ مِنْ نَفْسٍ وَجَدٍ وَخَلَقَ مِنْهَا زَوْجَهَا وَبَثَّ مِنْهُمَا رِجَالًا كَثِيرًا وَنِسَاءً وَاتَّقُوا اللَّهَ الَّذِي تَسَاءَلُونَ بِهِ وَالْأَرْحَامَ إِنَّ اللَّهَ كَانَ عَلَيْكُمْ رَقِيبًا﴾ [النساء: ١]

"Yaa namootaa! Gooftaa keessan Isa lubbuu tokko (Adam) irraa isin uumee, ishee irraas cimdii ishee (Hawwaa) uumee, isaan lamaan irraas dhiirotaa fi dubartoota baay'ee tamsaase sodaadhaa. Rabbii ittiin wal kadhattanii fi firummaas (kutuu) sodaadhaa. Dhugumatti, Rabbiin isin to'ataa dha." (Annisaa'i: 1).

﴿يٰۤاَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا اتَّقُوا اللَّهَ وَقُولُوا قَوْلًا سَدِيدًا ﴿٧٠﴾ يُصْلِحْ لَكُمْ أَعْمَالَكُمْ وَيَغْفِرْ لَكُمْ ذُنُوبَكُمْ وَمَنْ يُطِيعِ اللَّهَ وَرَسُولَهُ فَقَدْ فَازَ فَوْزًا عَظِيمًا﴾ [الأحزاب: ٧٠-٧١]

"Yaa warra amantan! Rabbiin sodaadhaa; jecha sirrii dubbadhaa. Dalagaalee keessanis isiniif tolcha; badiiwwan keessaniis isiniif araarama. Namni ajaja Rabbii fi ergamaa Isaatiif ajajme dhugumatti milkii guddaa milkaa'eera."

(Al-ahzaab: 70-71).

Kana booda:

Ilmaan namaa hunduu yakka raawwata; kun immoo ummata duriitii eegalee kan amma hammaatti jiran hundaa ni dabalata. Kana immoo Ergamaan Rabbii ﴿﴾ "ilmaan

Aadam hundinuu akkaan dilaawoodha" jechuun ibsaniiru. Bara keessa jirru ammaa immoo yeroo ilaallu, kallattiin badiin ittiin babal'atu lakkoofsa dhabeera. Baay'inni isaa hanga sammuun namaa yaaduu ol ta'eera. Bara kana keessa wanti Rabbiin jibbu hunduu hojjatameera. Zinaan hayyama godhateera. Dubartiin qullaa deemuun akka qaroominaatti lakkaa'ameera. Addunyaa kana irratti biyya qaroomte jedhamtu tokko keessatti dubartoonni hiriira nagaa bahanii 'qullaa deemuun akka seeraan nuuf eeyyamamu; yoo qullaa deemuun nuuf eeyyamamuu dhabe mirgi keenya dhiibameera' jedhanii gaafataniiru. Bara kana keessa namummaan ilma namaa irraa kaafameera. Maddi safuu hunduu gogeera. Ilmoon abbaaf ija cabsachuun hafeera. Quxisuun hangafa kabajuun boodatti hafiinsatti lakkaa'ameera. Hangafti daa'ima mararfachuufi garaa laafuufiin lafarraa ka'eera. Ilmi namaa dhugee machaa'ee sareen afaan isaa arraabuun fokkuu ta'uun hafee qaroomina ta'eera. Ribaa nyaachuufi ittiin hojjachuudhaan wal dorgomuun gocha daldaltoota baay'ee ta'eera. Badiin kun lafarra, bishaanirraafi qilleensa keessa illee wal ga'eera. Biyyi maqaaf qaroomte jedhamu akka dhiirri dhiira fuudhu mataa isaaniitiif eeyyamani biyyi biraas akka eeyyamu dirqama gochuu eegalaniiru. Ambaasaaddaroonni isaanii baay'een karoorri isaanii kana eeyyamsiisuuf akka ergaman dubbataniiru. Yaa Rahman!

Badii kana jalaa akkamumatti baana laata! Garuu kanuma hunda keessaayyuu Rabbiin nama gaarii ni qaba.

Namni funyoo Rabbii qabatee ajaja isaatiin bulee waan inni dhorge irraa dhorgamu har'as ni jira. Odoo isaan lafarra dhibamanii silaa dachiinuu baduun ishee shakkii hin qabu. Guyyaa ummanni akkasii lafarra dhibaman akka Qiyaamaan dhaabatu beekamaadha. Isaan lafa kana irra jiraachuun jiraachuu lafattiitiif murteessaadha. Haa ta'u malee Rabbiin warra kaanis ofirraa hin gatu. Warra badii kana hunda keessa laaqameyyuu "maal sila gara Rabbii toobatanii araarama isarraa hin barbaadanuu?" jedhaan. Kana jechuun badii keessa seentanii yoo umurii dheeraa gubdanii jiraattanis kottaa ani isinin simadhaa jechuudha. Kanaafuu Rabbiin hulaa tawbaa nama hundaafuu banee itti seenaa jedhe. Hulaan kun ballaa nama hundaaf ga'uudha. Eenyunuu isa seenuu danda'a. Nama isa seene immoo Rabbiin ni jaalata. "Rabbiin warra tawbatanuufi warra qulqulleeffatan ni jaalata." Dili isaa irraa haqa. Tawbaan kun saamunaa ilmi namaa dili isaa ittiin ofirraa dhiquudha. Kanaafuu yaa ilma namaa kottu dili keenya ofirraa haa dhiqnu. Gama Rabbii haa deebinu. Odoo Rabbiin badii ati hojjatte hundaanuu si adabuu malee tawbaa hin qeebalu jedhee eessuma dhaqna laata? Wallaahii kun tola Rabbii guddaati. Tola isaa kanatti haa fayyadamnu. Yaa dhiirri

badii baay'ee keessa seente kottu gaabbinee gara Rabbii deebina; yaa dubartoota dili adda addaa kan Rabbiin seerate hojjatte kottu saamunaa tawbaatiin ofirraa dhiqnaa. Kana goonaan Rabbiin gammachuu hanga kana hin jedhamneen nu simata.

Dili hunda irraayyuu tawbachuun dirqama. Imaam Annawawiin ni jedhe:

Namni tokko cubbuu hundarraa tawbachuun dirqama. Cubbuu garii irraa qofa yoo tawbate, diliin inni irraa hin tawbatin yoo itti hafanis tawban isaa kan cubbuu kanaa fudhatama ni qabaata. Tawbaan dirqama akka ta'e kan akeekan keeyyatoonni Qur'aanatii fi gabaasonni hadiisaa hedduu jiru. Walii galteen beektotaas kanuma mirkaneessa. Rabbiin ol taye ni jedhe:

"Yaa warra amantan! hundi keessan akka milkooftaniif jecha gara Rabbii tawbaa godhaa." (An-Nuur: 31)

"Gooftaa keessan araarama kadhaa, sana booda gara Isaa tawbaa deebi'aa." (Hud: 3)

"Yaa warra Rabbitti amantan! tawbaa qulqulluu taate tawbachuun gara Rabbii deebi'aa." (At-Tahriim: 8)

Akkuma armaan olitti jecha Annawawii irraa argite tawbaan nama hunda irrattuu dirqama. Beekaafi wallaalaa,

dhiiraafi dubartii, ga'eessa hundarrattuu tawbaan dirqama. Erga kana ta'ee immoo maalummaa tawbaa bal'inaan keessa seenanii barachuun murteessaadha. Ulaagaa tawbaan qabu tokko tokkoon baruun dirqama ta'a. Kitaaba kana ilaalchisee qophaa'e keessa inni kan Sheykh Saalih Almunajjid kun irra gaarii ta'ee natti mul'ate. Kanaafuun Afaan Oromootti hiikee isiniif dhiheessuu yaale. Rabbiin nama ittiin fayyadamu numa hundaa haa taasisu. Rahmanniifi nageenyi Rabbi Muhammadii, maatii isaanii, sahaabota isaaniifi warra hanga Guyyaa Qiyaamaatti isaan hordofan hunda irraa haa jiraatu.

Galii Abbaaboor



Dursa kiraabaa

Dursa faaruun kan Rabbiiti. Isa faarsina; gargaarsas isarra barbaanna. Namni Rabbiin isa qajeelche wanti isa jallisu hin jiru. Nama inni jallise immoo kan qajeelchu hin jiru. Dhugaan gabbaramaan Rabbiin malee hin jiru; inni tokkicha shariika hin qabne jedhee ragaan baha. Akkasuma Muhammadis gabricha Rabbiitiifi ergamaa isaa ta'uu ragaan baha.

Kana booda:

Rabbiin mu'umintoota hunda tawbaatti ajajee ni jedhe:

﴿وَتُوبُوا إِلَى اللَّهِ جَمِيعًا أَيُّهَا الْمُؤْمِنُونَ لَعَلَّكُمْ تُفْلِحُونَ﴾ [النور: ٣١]

“Yaa mu'umintootaa! Akka milkoofaniif jecha hundi keessanuu gara Rabbiitti tawbaa deebi'aa.”

Gabrootas gara toobataafi miidhaa raawwataatti qoode. Bakka sanatti qoodaan sadaffaan tasumayyuu hin jiru. Rabbiin ol tax'e ni jedhe:

﴿وَمَنْ لَّمْ يَتُبْ فَأُولَئِكَ هُمُ الظَّالِمُونَ﴾ [الحجرات: ١١]



“Namoonni hin tawbatin isaanumatu miidhaa raawwattoota.”

Kun yeroo namoonni baay’een diinii Rabbii irraa fagaatee diliin hunda wal ga’ee badiin tamsa’eedha. Namni tokko kan Rabbiin tikse malee kan badiidhaan wal hin makatin hafe hin jiru.

Garuu Rabbiin ifaa isaa guutu malee Rabbiin ni dide. Namoonni baay’een daguu isaaniitiifi hirriba isaanii irraa dammaqan. Akka haqa Rabbii guutuu keessatti gabaabatan hubatan; hanqinaafi dilii irratti gaabban. Geejjibni isaanii kallattii mana tawbaatti deemuuf gara galte. Kanneen biroo immoo goginaafi dhiphina jireenyaa jibbanii kunoo isaan dukkana irraa gara ifaatti bahuuf karaa isaanii qabataniiru.

Garuu ummata garee kana irraa ta’e hedduu isaanii rakkoo baay’ee kan isaan tawbaa irraa adda nu baafti jedhanii yaadantu mudata. Kanneen keessaa kan lubbuu ilaallatutu jira. Akkasumas kan qabatama naannoo isaanii marse keeaassatti argamutu jira.

Sababa kanaafin barruttii kana barreesse. Ishee keessa waan wal makate kan ibsu, waan wal fakkaate ifa galchu, hukmii isaa ibsuufi shayxaana ari’uuf ta’utu keessa jira jechuun yaada.



Barruttiin kun dursa waa’ee badii dilii tuffachuun qabu, ibsa ulaagaa tawbaa, itti aansee wallaansa lubbuu, fatwaa ragaa Qur’aanaafi hadiisaatiin deeggarama warra toobatuuf, haasawa warra beekumsaatiifi xumura of keessaa qabdi.

Akka Rabbiin anaafi obboleeyyan kiyya Muslimaa ittiin fayyadun isa kadha. Wanti an isaan irraa barbaadu du’aa’ii gaariifi gorsa dhugaa taateedha. Rabbiin numa cufa irraa tawbaa haa qeebalu.

Muhammad Saalih Almunajjid





Dursa waa'ee yakka dilii tuffachuun qabu dubbatu

Beeki, Rabbiin anaafi sis haa mararfatuu, Rabbiin ol ta'e gabroota Isaa bifa dirqama ta'een tawbaa isaaf qulqulleessuutti ajaje. Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿يَا أَيُّهَا الَّذِينَ ءَامَنُوا تُوبُوا إِلَى اللَّهِ تَوْبَةً نَّصُوحًا﴾ [التحريم: ٨]

“yaa warra amantan! Tawbaa qulqulluu gara Rabbiitti toobadhaa (deebi'aa).”

Rabbiin keenya odoo maleykoonni kabajamoon dilii hin barreessin dura akka toobannuuf yeroo nuu kenneera. Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: “(maleykaan) gara bitaa sa'aatii ja'a gabricha muslimaa dogongore irraa qalama kaasa. Yoo inni gaabbee araarama Rabbirraa barbaade ishee gatee dhiisa. Yoo kana hin taane immoo dilii tokkittiitu itti barreeffamti.” Xabraaniin Alkabiir keessattiifi Albayhaqiiitu Shu'ab Al-iimaan keessatti gabaasan. Albaaniin hasan godheera. Yeroon biraa kan kennamuuf immoo erga barreeffamee ka'ee hanga baallamni du'aa dhufutti eeguudha.



Musiibaan namoota baay'ee kan yeroo ammaa, isaan guddina Rabbii ol ta'ee hin sodaatanu. Halkaniifi guyyaa gosa dilii baay'eedhaan Isa faallessu. Ammas isaan keessaa nama dilii tuffachuudhaan morkorametuu jira. Garii isaanii kan inni dilii xixiqqoo lubbuu isaa keessatti tuffatu argita. Fakkeenyaaf ni jedha: 'gara ajnabiyyaa⁽¹⁾ ilaaluun yookiin harkaan qabuun maal miiti?' Kana irraa ka'uudhaan gaazeexaafi fiilmii keessatti gara haraamaa ilaaluutti dhaqqabu. Inumaayyuu gariin isaanii yeroo haraama ta'uu waan tokkoo bare tuffachuudhaan 'dilii hagamtu keessa jira?' jedha. Ogga qabatama argamaaru kana barte mee jidduu isaatiifi jidduu hadiisa lamaan armaan gadii kan Sahiha Imaama Bukhaarii irraa fudhanneen waliin madaali.

01 Anas irraa odeeffamee ﷺ ni jedhe: "isiin hojii baay'ee kan ija keessan keessatti ija garbuu irra xiqqoo taate hojjattu. Nuti immoo bara Ergamaa Rabbii ﷺ waan nama halaaktu irraa lakkoofna turre."

02 Ibn Mas'uud irraa odeeffamee ﷺ ni jedhe: "dhugumatti Mu'uminni dilii isaa akka waan gaara isatti kufuu sodaatu jala taa'aaruutti ilaala. Jallataan immoo dilii isaa akka tisiisa funyaan isaa irra tarraan harka isaatiin akkana jedhee ofirraa deebiseetti ilaala."

1 Ajnabiyyaa jechuun warra akka sharii'aatti wal fuuchuu eeyyamamuudha. Kana jechuun warra mahaarima (firoota) hin ta'in jechuudha.

Amma warri kun yeroo hadiisa Ergamaa Rabbii ﷺ kan armaan gadii dubbisan badii dubbii kanaa madaaluu ni danda'uu? "dilii tuffachuu irraa fagaadhaa. Fakkeenya nama dilii tuffatuu akka ummata dirree wahii irra qabatanii inni kun muka tokko fidee sunis muka biraa fidee hanga waan ittiin nyaata isaanii bilchiissuu danda'an walitti qabataniiti. Namni dilii tuffatu abbaan ishee gaafa ittiin qabame isa halaakti." Gabaasa biraatiin immoo Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: "dilii tuffachuu irraa fagaadhaa; dilii namicha irratti walitti qabamtee isa halaakti." Ahmaddu gabaase.

Akka warri beekumsaa dubbatanitti diliin xiqqoon yoo hayaa dhabuun, dhimma godhachuu dhiisuuniifi Rabbiin sodaachuu dhiisuun ishee tuffachuu waliin wal ga'e dilii gurguddaatti ishee dhaqqabsiisa. Inumaayyuu sadarkaa dilii gurguddaa keessa ishee kaa'a. Kanaafuu, irra turuu waliin diliin xiqqoon hin jiru (guddaatti jijjiirama jechuudha). Istighfaara waliin immoo diliin guddaanuu hin jiru (Rabbiin ni araarama jechuudha).

ﷺ Nama haalli isaa akkana ta'een ni jenna:

gara xiqqeenya dilii hin ilaalin; garuu gara guddina Rabbii faallessitee ilaali.

Kun jechoota yoo Rabbiin fedhe warri dhugaa, warri

dilii isaaniitiifi hanqisuu isaanii ofirratti beekan ittiin fayyadamanuudha. Warri jallina isaanii keessa dhama'anuufi jallina keessa turan ittiin hin fayyadamanu.

Isheen nama jecha Rabbii kanatti amanuufi:

﴿نَبِّئْ عِبَادِيَ أَنِّي أَنَا الْعَفْوَورُ الرَّحِيمُ﴾ [الحجر: ٤٩]

“Ani dhugumatti Anatu araaramaa, rahmata godhaa dha” jechuu gabroota kiyatti odeessi.” (Alhijr: 49).

﴿وَأَنَّ عَذَابِي هُوَ الْعَذَابُ الْأَلِيمُ﴾ [الحجر: ٥٠]

Akkasumas nama isa kanattis amanuufi: “Adabni kiyas isatu adaba laalessaadha” (jeechuus itti himi).” (Alhijr: 50).



Ulaagaa tawbaatiifi waan guutuu ishee taasisu

Jechi tawbaa jedhu jecha guddaadha. Isheen hiika guddaa qabdi. Isheen akka namoonni baay'een se'anuu kan arraba qofaan jedhamtee ergasii dilii irra turanuu miti. Mee jecha Rabbii kana xiinxali:

﴿وَأَن أَسْتَغْفِرُوا رَبَّهُمْ ثُمَّ نُؤْمِنُوا إِلَيْهِ﴾ [هود: ٣]

“Gooftaa keessan araarama kadhadaa; ergasiis gara Isaatti tawbaa deebi'aa jechuun (adda baafne).” (Hud: 3).

Kana irraa ka'uudhaan tawbaan (gara Rabbii deebi'uun) istighfaara (araarama kadhachuu) irra waan dabalataa ta'uu argita.

Sababa wanti guddaan kun ulaagaa hin dhabneef, beektonni ulaagaa tawbaa kan aayata Qur'aanaatiifi hadiisa irraa fudhatame dubbataniiru. Kan armaan gadii garii isheeti:

01 Ariitiidhaan dilii irraa dhaabbachuu,

02 Kan darbe irratti gaabbuu,





03 Fuulduratti itti deebi'uu dhiisuu murteessuufi

04 Haqa namoota miidhee deebisuu yookiin akka isaaf dhiifama godhan gaafachuudha.

Beektonni gariin ulaagaa tawbaa qulqulluutiif ibsa biraas dubbataniiru. Fakkeenya garii waliin dubbanna.

01 Dilicha dhiisuun Rabbiif jecha ta'uu qaba. Waan biraatiif ta'uu hin qabu. Fakkeenyaaf akka isa hojjachuu yookiin irra deddeebi'uuf dandeettii dhabuu, yookiin haasaa namaa sodaaf ta'uu hin qabu.

Namni akka diliin nama keessatti kabajaa isaafi gurra isaa irratti rakkoon hin finneef, yookiin akka hojii isaa irraa hin ari'amneef jecha hojjachuu dhiise toobateera hin jedhamu.

Akkasumas namni fayyummaa isaafi humna isa eeguuf jecha dilii dhiise kan akka dhukkuba daddarbu sodaadhaaf jecha zinaa dhiisuu, yookiin qaama kiyya na dadhabsiisa jedhee zinaa dhiise toobateera hin jedhamu.

Namni kallattii ittiin mana namaatti seenu dhabee yookiin mana kuusaa banuu dadhabee yookiin poolisa sodaatee hanna dhiise toobataa hin jedhamu.

Namni malaammaltummaa fudhachuu sodaa inni kennaaru kun warra farra malaammaltummaa ta'aatiin dhiise toobateera hin jedhamu.



Akkasumas namni waan deegee qarshii dhabeef jecha khamrii dhuguu dhiise yookiin waan sammuu hadoochu irraa fagaate toobate hin jedhamu.

Ammas namni waan dandeettii isaatiin alaatiif jecha dilii dhiise, fakkeenyaaf namni kijibaan tokko arrabni isaa shalallaan dubbachuu dadhabe, namni sagaagala hojjatu wal qunnamtii saalaa irratti dandeettii dhabe yookiin hattuun balaa wahiitiin harkaafi miila dhabe hanna dhiise toobate hin jedhamu. Kana hundaafuu gaabbuun, dilii sana hawwu irraa buqqa'uuniifi isa dabre irratti gadduun dirqama ta'a. Isa kanaaf jecha Nabiyyiin ﷺ “gaabbiitu tawbaadha” jedhan.

Rabbiin namicha dadhabaa jechaan taa'ee hawwu sadarkaa nama hojjatee irra isa kaa'e. Kunoo hin ilaaltuu Ergamaan Rabbii ﷺ akkana jedhan: “Duniyaan kan namoota bifa afuriiti. Tokko nama Rabbiin qabeenyaafi beekumsa isaaf kenne. Kan isa keessatti Gooftaa isaa sodaatu, kan isa keessatti firoota isaa fufu, kan haqa Rabbiin isa keessaa qabu beeku. Kun nama sadarkaa guddaa qabu. Inni lammaffaa nama Rabbiin beekumsa isaaf kenneefi qabeenya isaaf hin kennin kan niyyaan isaa qajeelati. ‘Odoon qabeenya qabaadhee silaa anis dalagaa akka ebaluun dalaga’ jedha. Inni niyyaa (yaada) isaatiin ta'ee mindaan jara lamaanii wal qixa. Sadaffaan gabricha



Rabbiin qabeenya isaaf kenne kan beekumsa isaaf hin kennin kan qabeenya isaa beekumsa malee akka fedhetti balleessu. Gooftaa isaa ittiin hin sodaatu. Firoota isaa ittiin hin fufu. Haqa Rabbii kan isa keessa jiru hin beeku. Inni sadarkaa daran fokkataa ta'e irra jira. Inni afraffaa nama Rabbiin beekumsaafi qabeenyas isaaf hin kennin yoo ta'u, inni kun 'Odoon qabeenya qabaadhee silaa anis dalagaa akka ebaluun ittiin dalaga' jedha. Sun niyyaa (gadhee) isaa argata. Kanaaf diliin isaan lamaanii wal qixa ta'a." Ahmadiifi Tirmiiziitu gabaasan. Inni Sahiih Attarghiib watarhiib keessas ni jira.

02 Fokkinni diliitiifi miidhaan ishee isatti dhaga'amu

Yaadni kun kan inni itti fedhe tawbaan sirriin isa waliin yeroo dilii dabre yaadate mi'aafi gammachuun isatti dhaga'amun yookiin sababa sanaa gara fuulduraatti itti deebi'uu hawwuun hin mijaa'u.

Ibn Alqayyim kitaaba isaa 'Addaa'u waddawaa'u walfawaa'idu' jedhamu keessatti miidhaa dilii baay'ee dubbateera. Isaanis:

Beekumsa dhorgatamuu, mukaa'uu qalbii, dubbiin hunduu itti jabaachuu, qaamni laafuu, Rabbiin ajajamuu dhabuu, barakaan haqamuu, haqa qunnamuun xiqqaachuu, qoma dhiphachuu, badiin isaa wal horuu, dilii aadeffachuu,

namni dilii hojjate sun Rabbiin biratti xiqqeeffamuu, namoota birattis xiqqeeffamuu, beelladoonni isa abaaruu, uffata xiqqeenyaa uffachuu, qalbiin isaa qollofamuu, abaarsa jala seenuu, du'aa'iin qeebalamuu diduu, dachiifi bishaan irratti badii tamsaasuu, inaaffaan dhibamuu, qaanfiin baduu, qananiin namarraa deemuu, adabbiin namarratti bu'uu, sodaan qalbii dilaawaa keessatti darbamuu, jama'aa shayxaanaa keessatti ramadamuu, boodni (aaqibaan) baduufi adabbii aakhiraati.

Gabrichi tokko miidhaa dilii kana baruun akka inni guutumatti dilii irraa fagaatu isa gooti. Namni gariin dilii tokko sababa wahiitiif jecha gara badii biraatti goru. Sababni kunis:

- 1 Diliin ishee irra xiqqaadha jedhee amanuudhaan,
- 2 Nafsiin irra caalaa gara isheetti dabuudhaan, fedhiin inni ishee irraa qabu jabaata ta'uu,
- 3 Badii isa kana hojjachuun isa kaan irra waan laafuuf, kan biraa qophii baay'ee barbaaduutu mala, sababni isaas guutuu dida.
- 4 Hiriyoonni isaatiifi warri inni waliin jiraatu badii kana hojjatu waan ta'eef isaan irraa adda bahuun isatti waan cimuuuf,

5 Nama tokkoof diliin wahii kabajaa wahii jidduu hiriyoota isaatti argamsiisuutu mala. Waan sadarkaa kana dhabuun isatti ulfaatuuf jecha badii kana itti fufa. Kun immoo baay'inaan matootii jama'aa sharriitiifi badii biratti argama. Akkuma kana Abuu Nawwaas inni walaleessaan sun yeroo Abul Itaahiyaan inni walaleessaan isa gorsee isa inni badii keessa tasa seenu irratti isa komatu walaloodhaan isaaf deebisee ni jedhe:

*Yaa Itaahii kan an tapha sana dhiisu na seetaa
Ibaadaadhaanin ummata biratti kabajaa koo
balleessaa yaaddaa*

- 03 **Gabrighichi tawbaatti ariifachuu qaba:** kanaafuu tawbaa tursiisuunuu matuma isaattuu badii tawbaatti haajomuudha.
- 04 **Tawbaan isaa hanqina qabaa sodaachuu:** naaf qeebalamteetti jedhee murteessee lubbuu isaa irratti hirkatee tooftaa Rabbii irraa of hin amanu.
- 05 **Haqa Rabbii waan tare guutuudha:** kun yoo kan mijaa'u ta'eedha. Fakkeenyaaf zaka'a yeroo dabre keessa odoo hin kennin ture baasuudha; kun immoo haqni hiyyeessaas waan keessa jiruufi.

06 **Bakka badii sana gadi lakkisuu:** kunis yoo achi keessa turuun yeroo lammataaf badii keessa isa buusu ta'eedha.

07 **Namoota badii irratti isa gargaaran irraa fagaachuu:** (qabxiin kuniifi inni isa duraa waan nuti hadiisa namticha namoota dhibba ajjeese irraa barannuudha; fuulduratti ni dhufa).

Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿الْأَخِلَاءُ يَوْمَئِذٍ بَعْضُهُمْ لِبَعْضٍ عَدُوٌّ إِلَّا الْمُتَّقِينَ﴾ [الزخرف: ٦٧]

“Jaalalleewwan guyyaa san isaan Rabbiin sodaatan malee, gariin isaanii gariif diina.” (Azzukhruf: 67).

Hiriyooni hamaan Guyyaa Qiyaamaa siichi gariin isaanii garii abaara. Kanaafuu yaa nama tawbaa gootu yoo da'awaa isaaniif godhuu hin dandeenye akka shayxaanni si kakaasee gara isaaniitti deebi'uu siif hin miidhagsine **isaan irraa adda ba'i; isaan dhiisi; isaan irraa citi; isaan irraas dinniini**. Akkasumas odoo dadhabina kee beektuu akka maqaa da'awaa isaanii godhuutiin gara isaaniitti akka hin deebine. Haala heddu kan namoonni hariiroo hiriyyaa hamaa waliin godhachuudhaan gara badii deebi'an ni jira.

08 **Wantoota haraama biratti hafan dhabamsiisuu:** fakkeenyaaf wantoota nama macheessan, meeshaa

muuziiqaa kanneen akka dibbeefi fiinoo, suuraa adda addaa filmii dhorgamtuu, odoo jaalala maraatuufi kkf irraa fagaachuu qaba. Waan akkasii caccabsuun, dhabamsiisuufi ishee gubuun barbaachisaadha.

Ibsa: namni toobatu tokko tawbaa irratti istiqamaa godhachuuf jecha huccuu jaahiliyyaa (bara wallaalaa) hundaa baasuun dirqama ta'a. Seenaa meeqatu jira kan namoonni baay'een sababa waan haraama mana keessatti hambisuutiin erga tawbaatii duuba deebi'aniifi booda qajeelumaa jallatan meeqatu jira. Sabaata Rabbiin kadhanna.

09 Hiriyoota gaarii kan lubbuu isaa mo'achuu irratti isa gargaaran filachuu: kun immoo bakka hiriyoota hamtuu ta'a. Halaqaa zikriitiifi bakka barumsaa irratti xiyyeeffachuu, yeroo isaas waan bu'a qabeessaan fixuu qaba. Kun immoo akka shayxaanni boqonnaa baay'ee isa biratti argatee badii darbe isa hin yaadachiifneef gargaara.

10 Qaama isaa kan waan haraama irraa biqile dandeettii isaa waan gaarii hojjachuu keessatti dabarsuu qaba. Akka foon isaa waan halaala irraa biqiluuf waan halaala qofa nyaachuu⁽¹⁾ qaba.

1 Qabxiin kun yaada murteessaa of keessaa qaba. Namni qaami isaa waan haraamaa irraa biqile ibiddatu waan hunda irra isatti aana. Kana jechuun qaama haraama akka ribaa, qabeenya miidhaan argame, malaammaltummaafi

11 Toobattiin odoo lubbuun du'uudhaaf sakaraa irra hin gahin (gargaaran dura) ta'uufi odoo aduun karaa dhihaatiin hin bahin ta'uu qaba.

Gargaraa jechuun sagalee yeroo ruuhiin ba'u morma keessaa dhaga'amuudha. Kanatti kan fedhame toobaan Qiyaamaa xiqqoo⁽¹⁾ fi Qiyaamaa guddoo dura ta'uu qabaadha. Ragaan jecha Ergamaa Rabbiiti ﷺ: "namni gargaraa dura toobate Rabbiin toobaa isaa irraa qeebala." Ahmadiifi Tirmiziitu gabaasan. Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira. Ragaan isa lammaffaa immoo jecha Ergamaa Rabbiiti ﷺ: "namni odoo biiftuun dhiha isheetiin hin bahin dura toobate Rabbiin toobaa isaa ni qeebala." Muslimtu gabaase.



qabeenya haraama kan biroo irraa biqile ibidda jahannamtu isa nyaatti jechuudha. Namni of yaadatee badii kana irraa toobatu immoo qaama haraama irraa biqile san dafee hojii khayriitti fixee qaama qulqulluu nyaata halaala irraa biqilchuuf ariifachuu qaba. Yoo kana godhe araarama Rabbii argachuun isaa akkaan kajeelama.

1 Qiyaamaa xiqqoo jechuun du'a.



Tawbaa guddaa

Bakka kanatti tawbaa warra dursaa ummata kanaa kan sahaaba Ergamaa Rabbii ﷺ dubbanna.

Buraydaa irraa odeeffamee ﷺ ni jedhe: Maa'iz bin Maalik Al-aslamiin Ergamaa Rabbiitti ﷺ dhufee ni jedhe: “yaa Ergamaa Rabbii! Ani dhugumatti lubbuu kiyya miidheera; zinaan hojjadhe. Na qulqulleessuu keen fedha⁽¹⁾.” Isa deebisan. Yeroo boromtonuu ta'us isaanitti dhufee “yaa Ergamaa Rabbii! Ani zinaa godheen jira” jedhe. Yeroo lammaffaa isa deebisan. Ergamaan Rabbii ﷺ gara ummata isaatti erganii “rakkoo wahii sammuu isaa irraa ni beektuu? Wanti irraa mormitan wahii ni jiraa?” jedhaniin. Isaanis ‘nama sammuu guutuu, akka yaannutti warra gaarii keenya irraayi’ jedhaniin. Yeroo sadaffaa isaanitti dhufe. Ammas deebisee gara isaaniitti ergee waa'ee isaa irraa gaafate. ‘Isarras ta'ee sammuu isaa irra rakkoon homaatuu hin jiru’ jedhaniin. Yeroma inni afraffaa

1 Haddii (adabbii nama zinaa hojjatee) narra dhaabuu keen barbaada jechuu fedheeti. Innis nama hin fuudhin yookin hin heerumin yoo ta'e dhibba tumamanii biyya irraa ari'amuudha; yoo nama sirna gaa'ilaa raawwate ta'eef immoo dhagaadhaan tumamanii ajjeefamuudha.





isaanitti dhufu boolla isaaf qochisiisan. Sana booda itti ajajnaan dhagaadhaan tumamee ajjeefame. Bureydaan ni jedhe: dubartittiin Ghaamidiyyaa isaanitti dhufte. ‘Yaa Ergamaa Rabbii! Ani zinaa godheeraa na qulqulleessaa’ jetteen. Ishees ni deebisan. Yeroma boromtonuu ta’u ‘maaliif na deebifta yaa Ergamaa Rabbii; akka Maa’iziin deebifte na deebisuu yaaddeeti natti fakkaata. Wallaahii ani ulfaa’een jira’ jette. Ni jedhaniin: “erga diddee deemii hanga deessutti turi.” Yeroma deessu daa’ima carqii keessa keessee fuutee itti dhuftee ‘kunoo da’eera’ jette. “Deemii hanga isa guusiftutti hoosisi” isheedhaan jedhan. Yeroo hoosiftee guutu daa’imicha cabdee nyaataa harka isaa keessa keessee fiddee dhuftee “yaa Ergamaa Rabbii isa gu’eera; nyaatas nyaateera” jette. Daa’imicha gara nama Muslima irraa ta’e tokkootti kennee isheetti ajajnaan boolli isheedhaaf hanga qoma isheetti qotamee namoota ajajnaan dhagaadhaan ishee tumanii ajjeesan. Khaalid bin Al-Waliid dhagaa wahii fidee mataa isheetti darbate. Dhiigni fuula Khaaliditti facaanaan ishee arrabse. Achumaan Ergamaan Rabbii ﷺ kan inni ishee arrabse dhaga’anii “suuta jedhi yaa Khaalid! Isa Lubbuun kiyya harka isaa jiruun kakadhee! Isheen dhugumatti tawbaa odoo namni qaraxa qaraxu toobate isaaf araaramamu toobatteetti” jedhaniin. Sana booda ajajanii ishee irratti salaatanii awwaalan.



Gabaasa biraa keessatti immoo Umar ni jedhe: ‘dhagaadhaan ishee tumtee ajjeeftee ergasii ishee irratti salaattaa?’ Ni jedhaniin: “isheen dhugumatti tawbaa odoo nama torbaatama Madiinaa irraa ta’eef qoodamtee isaan ga’u toobatteetti. Sila nama lubbuu isaa Rabbiif jecha arjoome irra waan caalu argitee beektaa?⁽¹⁾” Abdurrazaaqtu Musannifa isaa keessatti gabaase.



1 Hadiisa lamaan dabran irraa waan guddaatu baratama. Innis akka sahaabaan kun lamaan tawbaa irratti gadi dhaabbatan agarra. Maa’iz cimina tawbaa isaa irraa kan ka’e yeroo afur deddeebi’ee akka haddiin irra dhaabamu gaafate. Niitiin Ghaamidiyyaa immoo hanga ulfa jirtu hunda odoo badii isheetti gaddituu turtee ogga deessu achumaan Ergamaa Rabbiitti ﷺ fiddee dhufte. Ammas hanga mucaan waa nyaachuu danda’utti hoosisi jennaan toobaa isheerree odoo duuba hin deebi’in murtiidhumaan itti fuftee ogga mucaan of danda’us Ergamaa Rabbiitti ﷺ fiddee daangaan sharii’aan kaa’e sun irratti raawwatame. Warri kun tawbaa gurguddaa kana toobatan. Warri istiqamaa hin qabne bara keenyaa immoo waanuma tawbachuun isaa salphaa ta’e Rabbiif jecha dhiisuun itti jabaata. Fakkeenyaaf dhugaatii dhiisaa jennaan guyyaa lamaaf dhiisee gaafa sadaffaa itti deebi’a. Gaayyaa (shiishaa) dhiisaa jennaan torbii tokko dhiisee itti deebi’a. Kun tawbaa irratti akkaan istiqamaa dhabuu keenya agarsiisa.






Tawbaan badii isheedhaan duraa ni haqxi

Namni gariin ‘toobachuun fedha; garuu eenyutu yeroo ani tawbadhe araarama Rabbii of naa qaba? Ani kallattii istiqamaa seenuun fedha garuu ofirra deddeebi’uutu miira kiyatti dhaga’ama. Ani Rabbiin naaf araaramuu odoon beekke silaa achirran gadi dhaabadha ture’ jechuutu mala.

Nama kanaan nin jedha: miirri si seene namoota siin duraa sahaabota Ergamaa Rabbiyyuu ﷺ seeneera. Odoo waan gabaasa kana lamaan keessa jiru dhugumaan xiinxaltee, yoo Rabbiin fedhe, wanti lubbuu kee keessaa kun ni deema.

 Imaamu Muslimtu, Rabbiin isa haa mararafatuu, waa’ee seenaa islaama’uu Amr bin Al-aas keessatti gabaase. Hadiisicha keessa:

“Yeroma Rabbiin Islaama qalbii kiyya keessa⁽¹⁾ kaa’u

1 Waa’een islaama’uu Amr bin Al-aas akka warri seenaa jedhanitti Najaashidhaan wal qabata. Akka kitaaba Ahmaddiin Jabal keessa jirutti kan armaan gadii fakkaata:

Amriin kun Sahaabota godaansa dhufan gara Makkaatti deebisiisuudhaaf kan ergamee dhufe keessaa tokko ture. Inni kun Ergamoota Qurayshii keessaa





tokko yoo ta'u waan ergamee dhufeef osoo hin milkaa'in kan deebi'e ta'uun beekamaadha. Galmees seenaa Islaamaa duraanii baay'ee keessatti akka galmeeffamee jirutti Amri bin Al-Aas Islaamummaa harka Mootii Najaashiitti akka qeebale ibsanii jiru. Kunis yeroo inni gara Aksumitti lammaffaa deebi'u keessa ture. Amri bin Al-Aas mataan isaa akkas jechuudhaan nuuf dubbata: Lola Khandaq booda gosowwan Qurayshii keessaa Namoota dubbiin biratti dhagahaamu Namoota ani biratti kabajaa qabu filadheetan kophaatti walitti qabe. Akkas jedheetin itti dubbadhe. "Rabbiin natti haa ta'u akkuma argaa jirtan kana waa'een Muhammad guyyaarraa gara guyyaatti haala Nama jib-bisiisuun nurratti guddataa jajjabaataa deemuutti jira. Kanaafuu ani yaada tokkon qaba. Kanarratti maal jettu? jedheetan gafadhe. Maal yaadde? Naan jedhan. Gara Najaashii deemnee isa bira haa jiraannu. Yoo Ummata keenya Muhammad injifatee moohu taate bulchiinsa Najaashii jalatti hafna jechuudha. Najaashii bira jiraachuutu Muhammad bira jiraachuurra nuuf jaal-lataamaadha. Yoo Ummanni keenya kan Mo'atan taate garuu nuti jara biratti waan beekamaa taaneef jecha waan tolu malee wanti badu hin jiraatu" n jaraan jedhe. "Yaada gaariidha" jedhanii yaada kiyyarratti waliif galle. Kennaa adda addaa akka Najaashiidhaaf walitti qabani qopheessan itti himeetin nuti gara biyya Najaashii deemne. Habashaa seenne. Ergamaan Nabiyyii ﷺ Amri bin Umayyaa Addamariyyiin waa'ee jara Ja'afariifi dhimma Sahaabotaatiif Najaashii bira seenee isaa gadi bahuu achitti agarre. Jaalalleewwan kiyyaan "Namichi kun Amri bin Umayyaa Addamariyyiidha. Kanaafuu Najaashii bira seeneetan waa kenneefii akkan Morma Namicha kanaa irraa muree (ajjeessu) hayyamsiifadheetan yoo naaf hayyamaan waan kana godhe Ergamaa Muahammad ajjeesuu kiyyaan Qureyshotaaf akkan waan guddaa hojjadheef (Mindaa jaraaf kaffaletti) naaf lakkaa'u" jedheen itti hime. Najaashii biran seene. Akkuman duraan nagaa gaafataa turetti gadi gugguufeen salaamtaa dhiheesseef. Najaashiinis "baga nagaan dhufte yaa jaalallee kiyya" naan jedhe. Kenna baay'een dhiheesseef. (Itti aansuudhaan) Amri "ergamaan Diina keenya Muhammad yeroo inni sibira seenee gadi bahun arge. Qureyshota keessaa hangafoonni isaa gurguddaan beektonni Abbootiin Biyyaa Harka jaraatti ajjeefamanii jiran. Kanaaf Namicha kana naaf hayyami nan ajjeesaa" jedheetan gaafadhe. Najaashiin gaafii kiyya kana akka jabaa natti mufate. Harka isaa Funyaan isaa gubbaa kaayyatee Ija Aariitiin na ilaale. Akkaataa Najaashiin isatti Aare argee Amris akka jabaa rifate. "Maal qaba osoo Dachiin kun na liqimsitee!" hanga jedhu tokko gaabbiin itti dhaga'ame. "Yaa Mooti! Maqaa Rabbiitiinan siif kakadhaa! Osoo dubbiin kun akkasitti waan isin dallansiisu tahuu beekke gaafii kana isin hin gaafadhuun ture" jechuudhaan dubbate. Mootichis "nama Malaykaan Muusaa bira dhufaa

Nabiyyiitti ﷺ dhufeen 'mirga kee diriirsi waadaan siif seenaan' jedheen. Mirga isaanii diriirsan; ani immoo harka kiyyan qabadhe. "maal taate yaa Amr?" naan jedhan. 'Ulaagaa wahii kaa'achuun fedhen' jedheen. "Ulaagaa maalii keeyyatta?" naan jedhan. 'Badiin kiyya naaf dhiifamuudhan' jedhe. "Sila yaa Amr akka Islaamni badii waan isaan dura jiru diigee balleessu hin beektuu? Hijraan (godaansi) waan

ture (Jibriil) biratti ergamu ati Ergamaa isaa ajjeesuudhaaf nagaafattaa?" jechuudhaan dallansuudhaan itti dubbate. Ni dinniine. Amris "Yaa Mooti! Dubbiin kun akkasumaa?" jechuudhaan gaafate. Najaashiinis "Yaa badiisa kee Amri! Ajaja kiyya dhugoomsiiti Isaan (Nabiyyii) faana bu'i. Maqaa Rabbiitiin kacadha! Akka Muusaan Fir'awniifi hoomaa waraana isaa injifatetti Muhammadis ﷺ dhugumaan Mormitoota isaarratti injifannoo argachuun waan hafiinsa hin qabne" jedhe. Amris "Waadaa Islaamummaa naaf seeni" jechuudhaan Najaashii gaafate. Najaashiinis "waan gaariidha" jechuudhaan harka isaa diriiseefi. Amri bin Al-Aas waliin Islaamummaarratti waadaa waliif seenan. Dinniina inni dinniineefi waamicha inni gara Islaamummaatti isa waameen booji'amuudhaan Amri Harka Najaashiitti Islaamummaa seene. Amri dubbii isaa akkas jechuudhaan itti fufa: Harka kiyya Najaashiidhaaf diriiseefiin Islaamummaa irratti waadaa seeneefi. Yeroon isa biraa gadi bahu Islaama'u kiyya jaalalleewwan kiyya nan dhokse. Hin turre Achumaanin gara Nabiyyii ﷺ deeme. Yeroon sun osoo Fat-hii (Makkaan hin banamnin) dura ture. Osoon gara Madiinaa deemuutti jiruu karaatti Khaalid bin Al-Waliidiin arge. "Yaa Abbaa Suleymaan eessaa deemta?" n jedheenii gaafadhe. Akka Islaama'uuf deemu natti hime. 'Allaah natti haa ta'u anis Islaamummaaf jechan dhufe' jedheen ibseef. Wal qabatani deeman. Khaalid Islaama'e. Amris Islaamummaa seenuu isaa ifa gochuudhaan Nabiyyiidhaaf waadaa seene. Isaaniin wal argatee akkana jedhe: "Yaa Ergamaa Allaah! Akka yakki ani duraan dabarse naaf dhiifamutti isin waliin waadaa seenuun fedha." Nabiyyiinis r Yaa Amri! waadaa naaf seeni Islaamummaa seenuun yakka duraan ture mara Namarraa haqa. Akkasuma Godaansinis badii duraan ture Namarraa qulqulleessa" jedhan. Dubbiin kana hanga asiitti kitaaba Ahmaddin kan Raayyaa Abbaamaccaa hiike irraan fuudhe. Kana jechuun sahaabaan guddaan kun biyya keenya keessatti Islaamummaa qeebale jechuudha. Biyyi keenya Islaamaaf gumaata kana caaluyyuu gumaachiteetti.

isaan duraa akka diigu hin beektuu? Hajjiinis waan isaan dura ture akka diigu hin beektuu?” naan jedhan.”

2ifaa Ammas Imaamu Muslim ibn Abbaas irraa  gabaasee ni jedhe: namoonni warra shirkii irraa ta’an ajjeesanii ajjeechaa baay’isa. Zinaa godhaniis sagaagalummaa baay’isan. Sana booda gara Muhammad  dhufanii ‘inni ati jettuufi itti waamtu kun odoo waan nuti hojjannee dabarsine wanti harcaasu jiraatee silaa gaarii ture’ jedhan. Achumaan jechi Rabbii ol ta’ee bu’e:

﴿وَالَّذِينَ لَا يَدْعُونَ مَعَ اللَّهِ إِلَهًا آخَرَ وَلَا يَقْتُلُونَ النَّفْسَ الَّتِي حَرَّمَ اللَّهُ إِلَّا بِالْحَقِّ وَلَا يَزْنُونَ وَمَنْ يَفْعَلْ ذَلِكَ يَلْقَ أَثَامًا ﴿١٨﴾﴾ [الفرقان: ٦٨]

“Isaan Rabbii wajjin waan biraa hin gabbarre (hin kadhanne), kan lubbuu Rabbiiin ajjeesuu haraama godhe haqaan alatti hin ajjeefneefi hin sagaagallee dha. Namni (hojii gadhee) kana raawwate, adaba qunnama.” (Alfurqaan: 68).

Itti aansee jechi Rabbii kun bu’e:

﴿قُلْ يَاعِبَادِيَ الَّذِينَ أَسْرَفُوا عَلَىٰ أَنفُسِهِمْ لَا تَقْنَطُوا مِن رَّحْمَةِ اللَّهِ ﴿٥٣﴾﴾ [الزمر: ٥٣]

“Yaa gabroota kiyya kan lubbuu isaanii irratti daangaa dabartan! Rahmata Rabbii irraa abdiin hin muratinaa. Dhugumatti Rabbiiin balleessa hundaa ni araarama. Inni araaramaa, rahmata godhaadha.” (Azzumar: 53).



Sila Rabbiin naaf araaramaa

Yeroo tokko tokko ‘tawbachuun fedha; garuu yakki kiyya akkaan baay’eedha. Badii kamuu odoon hin hojjatin hin dhiifne. Diliin ati yaaduu dandeessu ta’ee kan ati yaaduu hin dandeenye hundayyuu odoo hin hojjatin hin dhiifne. Sadarkaa waan ani waggaa dheeraa kana keessa hojjadhe Rabbiin naaf araaramaa jedhu bira gaheera’ jechuu keetu mala.

Siinin jedha yaa obboleessa gaarii: ‘kun rakkoo dhuunfaa keetiitii miti. Inumaa isheen rakkoo namoota tawbaa fedhan hedduuti. Yeroo tokko dardara gaaffii wahii gaafate nin yaadadha. Ni jedhe: ‘inni umurii ijoollummaatiin diliin hojjachuutti seene. Yeroo inni umurii waggaa kudha torbaa gahu inni badii irraa isa guddaas ta’ee xiqqaa, gosa ishee hundayyuu namoota umurii adda addaa xiqqoofi guddaa waliin, hanga intala daa’ima irratti daangaa dabru tokko, hanna baay’ees hatee galmee guddaa guute.’ Sana booda ni jedhe: ‘gara Rabbiittin toobadhe. Ka’ee dhaabadheen halkan laylii salaata. Wixataafi Khamiisan sooma. Booda salaata Subhiitii Qur’aanan qara’a. Tawbaan naaf jiraa?’ jedhe.

Nu warra Islaamaa biratti bu'uurri hunduu ahkaama barbaaduuf, furmaataafi wallaansa cufaafuu gara Qur'aanaafi Hadiisaa deebi'uudha. Yeroo gara kitaaba Rabbiitti deebinu kan armaan gadii argina:

﴿قُلْ يٰعِبَادِيَ الَّذِينَ أَسْرَفُوا عَلٰٓىٰ اَنْفُسِهِمْ لَا تَقْطُوعُوْا مِنْ رَّحْمَةِ اللّٰهِ اِنَّ اللّٰهَ يَغْفِرُ
الذُّنُوْبَ جَمِيْعًا اِنَّهٗ هُوَ الْغَفُوْرُ الرَّحِيْمُ ﴿٥٣﴾ وَاٰتِيُوْا اِلٰى رَبِّكُمْ وَاَسْلِمُوْا لِلّٰهِ مِنْ
قَبْلِ اَنْ يَّاتِيَكُمْ الْعَذَابُ ثُمَّ لَا تُنصَرُوْنَ ﴿٥٤﴾﴾ [الزمر: ٥٣ - ٥٤]

“Yaa gabroota kiyya kan lubbuu isaanii irratti daangaa dabartan! Rahmata Rabbii irraa abdi hin muratinaa. Dhugumatti Rabbiin balleessa hundaa ni araarama. Inni araaramaa, rahmata godhaa dha. Gara Rabbii keessanii deebi'atii Isaafis ajajamaa.” (Azzumar: 53-54).

Rakkoo ka'e kanaaf kanatu deebii quubsaadha. Inni matumti isaatuu ifaa waan ta'eef ibsuu hin haajomu.

Yaanni inni 'diliin kiyya kan Rabbiin araaramu irra baay'eedha' jedhu immoo wantoota armaan gadii irraa madde:

- 01 Gabrichi rahmanni Rabbii bal'aa ta'uu isaa mirkaneeffachuu dhabuu,
- 02 Rabbiin dilii hunda araaramuu irratti danda'aa akka ta'e amanuu keessatti hanqinni jiraachuu,
- 03 Hojiin hojii qalbii keessaa ta'e kan akkaan barbaachisaan dadhabuudha; innis kajeellaadha.

- 04 Gocha tawbaatiifi diliin nama irraa haqamuu sirriitti tilmaamuu dhabuudha.

Hunduma isaayyuu deebii itti kennina.

- Inni duraa isa ibsuu keessatti jechi Rabbii itti aanu gahaadha:

﴿وَرَحْمَتِي وَسِعَتْ كُلَّ شَيْءٍ﴾ [الأعراف: ١٥٦]

“rahmanni kiyya waan hundaaf ballatte.” (Al-a'araaf: 156).

- Inni lammaffaa immoo hadiisa Alqudsii¹ sahiha ta'etu ga'a: “Rabbiin ol ta'e ni jedhe: ‘namni ani dilii araaramuu irratti danda'aa ta'uu kiyya bare, waan inni natti hin qindeessiniin homaa dhimma hin godhadhu isaafin araarama.” Axxabraaniin Alkabiiriin keessattiifi Haakimtu gabaase. Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.
- Inni sadaffaa hadiis alqudsii isa kanatu wallaana: “Rabbiin ol ta'e ni jedhe: “yaa ilmaan Adam! Hanguma ati na kadhattee narra kajeelteen waan (dili) sirraa argame hundaa siifan araarama; homaa dhimma hin godhadhu. Yaa ilmaan Adam odoma

1 Hadiis Alqudsii jechuun kan kallattumaan jechi isaa Rabbiin biraa dhufe jechuudha. Garaagarummaan inni Qur'aanaan qabu Qur'aanni yoo hiika isaa wallaaltellee jecha isaa dubbisuudhaan mindaa argatta.

diliin kee hanga duumessa samii ga'ee ergasii araarama narra barbaaddee silaa siifan araarama. Yaa ilmaan Adam! Odoo dilii dachii guutuutti dhihaateen natti dhuftee ergasii haala homaa natti hin qindeessiniin na qunnamteef araarama guutuu isheetiin sitti dhufa.” Tirmiziitu gabaase. Inni Sahiih Aljaami’iin keessas ni jira.

❁ Inni afraffaa immoo hadiisa Ergamaa Rabbiitu ❁ isaaf ga’aadha: “namni dilii irraa tawbate akka nama dilii hin qabneeti.” Ibn Maajahtu gabaase. Inni Sahiih Aljaami’iin keessas ni jira.

Ergaa kiyya gara namoottan Rabbiin badii isaa baay’atte isaaf araarama jechuun itti jabaate hundaaf hadiisa kanan dubbadha.



Tawbaa namicha namoota dhibba ajjeesee

Abuu Sa’iid, Sa’ad bin Maalik bin Sinaan Al-Khudrii irraa odeeffamee ❁ ni jedhe: Nabiyyiin Rabbii ❁ ni jedhan: “Ummata isiniin dura turan gidduu namicha lubbuu namoota sagaltamii sagalii ajjeese tokkodu ture. Irra beekaan nama dachii kanaa eenyuun akka ta’e gaafate. Gara nama addunyaa dhiisee Rabbiin qofa gabbaruu tokkotti akeekame. Bira deemee akkana jedheen: ‘ani lubbuu namoota sagaltamii sagalii ajjeeseera. Yoon tawbaa godhe Rabbiin tawbaa kiyya ni qeebalaa?’ jechuun isa gaafate. ‘Lakki, tawbaan kee fudhatama hin qabaatu’ jechuun deebiseef. Isas ajjeesee dhibba guuttate. Ergasillee dachii irratti namni irra beekaa jedhamu eenyuun akka ta’e gaafate. Nama beekaa ta’e tokkotti qajeelfame. ‘Ani lubbuu nama dhibbaa galaafadheen jira. Yoon tawbadhe Rabbiin naaf araaramaa?’ jedheen. ‘Eeyyeen, jidduu keetii fi jidduu tawbaa maaltu haguuguu danda’a? Gara dachii akkas akkasii deemi. Achi namoota Rabbiin gabbarantu jiruu isaanii wajjin Rabbiin gabbari. Gara dachii keessa

turtee hin deebi'in, waan isiin dachii hamtuun irratti hojjatame taateef' jedheen. Gara biyya jedhamee deemuu jalqabe. Yeroo walakkaa karaa ga'u, duuti isa qabatte. Maleykonni rahmataatiifi maleykonni azaabaa irratti wal falman. Maleykonni rahmataa 'tawbaaf muratee onnee isaa gara Rabbii deebisee dhufe' jedhan. Maleykonni azaabaa immoo 'inni takkaa waan gaarii hojjatee hin beekuu (akkamitti jannata gala?)' jedhan. Maleykaan biraa suuraa namaatiin itti dhufe. Akka jidduu isaaniitti murtii kennu gaafatan. Innis 'dachii gara itti deemaa jiruutiifi irraa dhufee safaraatii gara inni itti dhihaatetu isaaf ta'a' jedheen. Yeroo safaran gara dachii itti deemaa jiruutti dhihoo ta'ee argame. Kanaaf maleykonni rahmataa isa fudhatan." (Bukhaarii fi Muslimtu gabaase)

Gabaasa Sahiiha keessa jiru kan biraa keessatti immoo: "Gara gandattii gaarii (itti deemaa jiruu) sana taakkuu takkaan dhihaate. Kanaaf warra isii irraa ta'e" jedha. Ammas gabaasa Sahiiha keessa jiru kan biraa keessattis: "Rabbiin (SW) gara dachii namichi irraa dhufee sana akka fagaattu, gara ishee itti deemaa jiruu sana immoo akka dhihaattu ajaje. Ergasii 'dheerina dachii lamaanii safaraa' jedheen. Dachii itti deemaa jiru taakkuu takkaan gabaabbattee waan argamteef araarama argate." Bukhaariifi Muslimtu gabaasan.

Eeyyeen eenyuutu isaafi jidduu tawbaa walirraa haguuga! Yaa nama tawbaa feetu amma diliin kee kan namticha Rabbiin tawbaa isaa qeebalee kana ni caala jettee yaaddaa? Maaliif abdi kutatta ree?

Inumaayyuu dubbiin kanarra guddaadha. Jecha Rabbii kan mee xiinxali:

﴿وَالَّذِينَ لَا يَدْعُونَ مَعَ اللَّهِ إِلَهًا آخَرَ وَلَا يَقْتُلُونَ النَّفْسَ الَّتِي حَرَّمَ اللَّهُ إِلَّا بِالْحَقِّ وَلَا يَزْنُونَ وَمَنْ يَفْعَلْ ذَلِكَ يَلْقَ أَثَامًا ﴿٦٨﴾ يُضَاعَفْ لَهُ الْعَذَابُ يَوْمَ الْقِيَامَةِ وَيَخْلُدْ فِيهِ مُهَانًا ﴿٦٩﴾ إِلَّا مَنْ تَابَ وَآمَنَ وَعَمِلَ عَمَلًا صَالِحًا فَأُولَئِكَ يُبَدِّلُ اللَّهُ سَيِّئَاتِهِمْ حَسَنَاتٍ وَكَانَ اللَّهُ غَفُورًا رَحِيمًا ﴿٧٠﴾﴾ [الفرقان: ٦٨ - ٧٠]

"Isaan Rabbii wajjin waan biraa hin gabbarre (hin kadhanne), kan lubbuu Rabbiin ajjeesuu haraama godhe haqaan alatti hin ajjeefneefi hin sagaagalleedha. Namni (hojii gadhee) kana raawwate, adabbii qunnama. Guyyaa Qiyaamaa adabbiin (jahannam) dachaa isaaf taasifama. Isa keessa salphifamaa ta'ee yeroo hunda jiraatas. Nama tawbateefi amanee dalagaa gaarii hojjate malee. Isaan sun Rabbiin hamtuu isaanii gaariitti jijjiiraaf. Rabbiin araaramaa, rahmata godhaa ta'eera." (Alfurqaan: 68-70).

Mee jecha Rabbii bira gadi dhaabbadhuu xiinxali: *"Isaan sun Rabbiin hamtuu isaanii gaariitti jijjiiraaf."* Kun tola Rabbii guddaa ta'e siif ibsiti. Beektoleen akka jedhanitti hamtuu gaariitti jijjiiruun bakka kanatti jedhame gosa lama.



01 Haala hamaa sila ture haala gaariitti jijjiiruudha. Fakkeenyyaf bakka shirkii iimaana isaaniif kennuu, bakka zinaa of tiksuu, bakka kijibaa dhugaa dubbachuu, bakka khiyaanaa amaanaa isaaniif buusuufi kkfdha.

02 Badii isaan hojjatan Guyyaa Qiyaamaa gara gaariitti isaaf jijjiiruudha. Jecha Rabbii kana xiinxali: ‘Rabbiin dilii isaaniif gaariitti isaaniif jijjiira.’ Bakka dilii tokko khayrii tokko buufna hin jenne. Lakkoofsa keessatti yookiin akkaataa keessatti isaa gadi yookiin isaa ol ta’uutu mala. Kun immoo hanga tawbaan namichaa dhugaafi guutuu ta’erratti hundaa’a. Mee tola tola kana caalu ni agartaa? Mee ibsa arjummaa Rabbii hadiisa bareedaa armaan gadii keessatti ilaali:

Abdurrahmaan bin Jubeer Abuu Xawiil Shaxab Almamduud irraa odeeffamee ni jedhe: inni gama Nabiyyii ﷺ dhufe –gabaasa biraatiin immoo ‘jaarsi guddaan otontoraan kan qoochoon isaa ija isaa lamaan irratti kufe uluu irratti hirkataa dhufee fuuldura Nabiyyii ﷺ dhaabate. Ni jedhe: ‘mee namicha dilii hunda ishee irraa odoo homaa hin dhiisin hojjate, kan xiqqoo ishees guddoo ishees odoo hin hojjatin hin dhiifne –akka gabaasa biraatti immoo odoo kan odoo harka isaatiin hin hojjatin hin hafne, diliin isaa odoo warra dachii hundaaf qoodamtee isaan halaaktuuf tawbaan ni jiraa?’ Nabiyyiin ﷺ ni jedhaniin:



“sila islaamofteettaa?” Namichis ‘Rabbiin malee dhugaan gabbaramaan hin jiruufi ati Ergamaa Rabbii ta’uu ragaan ba’a’ jedhe. Nabiyyiin ﷺ ni jedhaniin: “hojii gaggaarii hojjatta; hojii hamtuu ni dhiifna. Rabbiin hunda isheetuu gaarii (khayrii) siif taasisa.” Ni jedhe: ‘waadaa an diige! Yakka an yakkes mool!’ Nabiyyiin ﷺ “eeyyeen” jedhaniin. Achumaan ‘Allaahu akbar’ jedhe. Hanga nurraa dhokatutti takbiiraa jechuu hin dhiifne. Sanadni isaa cimaa akka ta’e Haysamiin dubbateera.

Ammas gaafiin biraa kan namni tawbaa godhu gaafachuun malu ni jira: ‘ani oggan jallina keessa jiru hin salaanne kanin karaa Islaamaa irraa ala jiru hojii gaarii hanga ta’e hojjadheera. Isheen kun booda tawbaatii naaf shallagamtimoo akkuma qilleensaa na jalaa baddi?’

Deebii kunooti:

Urwaa bin Azzubeer irraa odeeffamee ni jedhe: Hakiim bin Hizaam isatti odeessee ni jedhe: inni Ergamaa Rabbiitiin ﷺ ni jedhe: ‘yaa Ergamaa Rabbii! Mee wantoota ani yeroo wallaalaa keessa ittiin ibaadaa godhaa ture kan akka sadaqaa, gabra bilisoomsuu, firooma fufuufi kkf keessa mindaan naaf jiraa’n jedheen. Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: “khayrii irraa waanuma hojjattee dabarsite irratti islaamofte.” Bukhaariitu gabaase.



Badiin kun namaaf dhiifamti; diliin kun mindaatti namaaf jijjiiramti. Hojiin gaariin yeroo wallaalaa keessa hojjanne immoo erga toobannees akkasumaan nuuf teessi. Maaltu hafe ree!



Yeroon dilii hojjadhe akkamin godha

Jechuun kee ni mala: yeroon dilii keessa seene akkamiinan achumaan irraa toobadha? Hojiin biraa kan ogga diliitii achumaan hojjachuu qabu ni jiraa?

Deebiin: wanti booda dilii irraa dhaabbatanii hojjatamuu qabu waa lama.

01 Hojii qalbii: Innis gaabbuufi itti hin deebi’u jedhanii murteessuudha. Kun immoo bu’aa sodaa Rabbii irraa argamtuudha.

02 Hojii qaamaa: Kun immoo hojii gaggaarii adda addaa hojjachuudha. Fakkeenyaaf salaata tawbaa salaatuudha. Ragaan isaa kunooti.

Abuu Bakrii irraa odeeffamee ﷺ ni jedhe: Ergamaa Rabbiitii ﷺ jedhanuun dhaga’e: “namni kamuu badii wahii hojjatee sana booda ka’ee qulqulleeffatee (wuduu’atee) sana booda raka’aa lama salaatee ergasii araarama Rabbirra barbaade Rabbiin isaaf araaramu malee hin hafu.” Sana booda aayata kana qara’an:

﴿وَالَّذِينَ إِذَا فَعَلُوا فَحِشَةً أَوْ ظَلَمُوا أَنْفُسَهُمْ ذَكَرُوا اللَّهَ فَاسْتَغْفَرُوا لِذُنُوبِهِمْ وَمَنْ يَغْفِرَ اللَّهُ فَعَلُوا وَإِلَّا اللَّهُ وَلَمْ يَصِرُوا عَلَىٰ مَا فَعَلُوا وَهُمْ يَعْلَمُونَ ﴿١٣٥﴾﴾

[آل عمران: ١٣٥]

“(warri Rabbiin sodaatan) isaan yeroo waan fokkataa hojjatan yookiin lubbuu ofii miidhan Rabbiin yaadatanii badii isaaniitiif araarama gaafataniifi haala (badii ta’uu isaa) beekaniin waan hojjatan irra hin turree dha. Rabbiin malee namni badii araaramu hin jiru.” (Aali Imraan: 135).

Gabaasa biraa sahiha taate keessatti akkaataan salaattatii raka’aa lamaanii ishee dilii namarraa harcaafuu kan biroo dhufteetti. Kun walii gala isheeti:

01 Wuduu’atee wuduu tolfachuu: (sababni isaas diliin qaama dhiqamee bishaanii waliin yookiin cophaa bishaanii isa dhumaa waliin baati waan ta’eefi).

Akkaataa wuduu itti tolchan: jalqaba irratti ‘bismillaah’ jechuu, zikrii booda isaas jechuudha. Innis:

‘Ash-hadu allaa ilaaha illallaahu wahdahuu laa shariika lah. Wa ash-hadu anna Muhammadan Abduhuu warasuuluh; Allaahumma ij’alnii minattawwaabiina waj’alnii minal mutaxahhiriin.’

Hiikti isaa: Rabbiin malee dhugaan gabbaramaan hin jiru; inni tokkicha hiriyaan hin qabne jechuu ragaan

baha. Muhammadiis gabricha isaa fi ergamaa Isaa ta’uu ragaan baha. Yaa Rabbi warra tawbatu irraa na taasisi; warra qulqulleeffatu irraas na taasisi.

‘Subhaanaka Allaahumma wabihamdika ash-hadu allaa ilaaha illaa anta; astaghfiruka wa atuubu ilayk.’

Hiikti isaa: Yaa Rabbi faaruu keetii waliinin qulqullina siif malun si qulqulleessa. Si malee dhugaan gabbaramaan akka hin jirre ragaan baha. Araaraman sirra barbaada; tawbaas gara keettin deebi’a.

02 Ka’ee dhaabbatee raka’aa lama salaata;

03 Isaan keessatti hin dagatu (qalbii isaatiin qara hin yaadu).

04 Lubbuu ofiittis hin hasaasu;

05 Zikriifi kushuu’ii bareecha;

06 Sana booda araarama Rabbirraa barbaada.





Bu'aa isaa

- 01 Diliin isaa kan tare isaaf dhiifama;
- 02 Jannanni isaaf murtoofti.

Kana booda hojii gaarii baay'isa. Kunoo hin argituu Umar yeroma falmii isaa kan lola Hudeybiyyaa keessatti Ergamaa Rabbiitiin ﷺ falme keessatti dogongora argu sana booda 'isheedhaaf jecha dalagaa baay'een hojjadhe' jedhe. Kana jechuun hojii baay'ee kan dilii san isaaf harcaasu dalage jechuudha.

Mee fakkeenya hadiisa sahiha kana keessatti dhufe xiinxali: “fakkiin namicha badii hojjatee ka'ee ergasii hojii gaarii hojjatuu akka namicha tokkoo kan isarra kobbortaan dhiphoon isa huute jiruuti. Sana booda hojii gaarii tokko hojjannaan geengoon tokko irraa hiikkatte. Ammas akkasumaan hanga gara dachiitti bahutti hojii gaarii biraa hojjannaan kan biroos irraa hiikkatte.” Axxabraaniitu Alkabiir keessatti gabaase. Inni Sahiih Aljaami'iin keessas ni jira.

Hojiin gaariin nama dilaawaa mana hidhaa dilii irraa bilisa isa gooti. Gara aalama khayrii bal'aa ta'eetti isa baafti.



Waan amma dabre kana qissattii xiinxalloo of keessaa qabdu kanatu siif gabaabsitee ibsiti.

Ibn Mas'uud irraa odeeffamee ﷺ ni jedhe: namichi tokko gara Ergamaa Rabbii ﷺ dhufee 'yaa Ergamaa Rabbii! Ani dubartii tokko atikiltii keessatti argee waanin godhe isheetti godheen dhufe. Garuu isheedhaan wal qunnamtii saalaa hin goone. Isheen dhungadhe; ittin maxxane. Sana malee waan biraa hin goonee waan feete na godhi' jedhe. Ergamaan Rabbii ﷺ homaayyuu hin jenne ture. Namichi ni deeme. Umar ni jedhe: 'odoo inni of sataree Rabbiin isa sataree ture.' Ergamaan Rabbii ﷺ ija isaanii isa hordofsiisanii ergasii "isa deebisaa" jedhan. Isaanitti deebisan. Jecha Rabbii isarratti qara'an:

﴿ وَأَقِمِ الصَّلَاةَ طَرَفِي النَّهَارِ وَزُلْفَا مِنْ اللَّيْلِ إِنَّ الْحَسَنَاتِ يُذْهِبْنَ السَّيِّئَاتِ ذَٰلِكَ ذِكْرِي لِلذَّكْرِيِّت ﴿١١٤﴾ ﴾ [هود: ١١٤]

“Qaccee lamaan guyyaatiifi yeroo halkan irraa ta’e salaata dhaabi. Toltuuwwan hamtuu ni deemsisu. Kun warra gorfamaniif gorsa.”

Achumaan Mu'aaz, –akka gabaasa biraatiin immoo Umar- 'yaa Ergamaa Rabbii! kun isa qofaaf moo namootuma hundaafi?' jedhe. Ni jedhaniin: "lakki! Namootuma hundaafi." Muslimtu gabaase.



Warri hamtuu na ari'uhoo

Jechuun kee ni mala: toobachuun fedha; garuu hiriyoonni kiyya warri hamtuu hojjatanu bakka hundattuu ofirraa na ari'uu akkamin godha? Yeroma ana biratti jijjiirama wahii argan lola adda addaa narratti banu. Animmoo dadhabinatu natti dhaga'ama. Akkamin godha?

Siin jenna: obsi. Kun sunnaadhuma Rabbiin gabroottan isaa warra ikhlaasa qaban ittiin morkoruudha.

Kun immoo warra dhugaafi kijibaa ummataaf adda baasuuf; warra gaggaarii warra babbadoo irraa adda foo'uufi.

Erga miila kee jalqaba karaa irra gadi keeyyattee achitti gadi dhaabbadhu. Kuni shayxaana namaatiifi jinniitu boodatti si deebisuuf jecha gariin isaanii gariitti wahyiii godhaaruu isaanii hin bulin. Isaanuu jalqaba irratti siin jedhu: 'kuni maraatummaadha; sirraa deemuun isaa hin turu. Kun rakkoo yeroo keessa dhufeedha.' Kan nama ajaa'ibu gariin isaanii hiriyaa isaatiin yeroo inni jalqaba tawbatu ni jedhe: 'hamtuu ta'uu dhabuutu mala.'

Kan nama ajaa'ibu tokkoon ishee yeroo hiriyaaan ishee



booda tawbatee dili dabalataa jibbuudhaan bilbila isheerratti cufu yeroo xiqqoo turtee bilbiltee ‘waswaasiin kee sirraa deemeera jechuun yaada?’ jetteen.

Rabbiin ol ta’e immoo ni jedhe:

﴿قُلْ أَعُوذُ بِرَبِّ النَّاسِ ﴿١﴾ مَلِكِ النَّاسِ ﴿٢﴾ إِلَهِ النَّاسِ ﴿٣﴾ مِنْ شَرِّ الْوَسْوَاسِ الْخَنَّاسِ ﴿٤﴾ الَّذِي يُوَسْوِسُ فِي صُدُورِ النَّاسِ ﴿٥﴾ مِنَ الْجِنَّةِ وَالنَّاسِ ﴿٦﴾﴾ [سورة الناس]

“(Yaa Muhammad ﷺ) jedhi: “Gooftaa namaattin maganfadha. Mootii namaatti, Gabbaramaa namaatti, Hamtuu waswaasii dhokatuu fi mul’atuu irraa, Isa qoma namaa keessa waswaasu, Jinnii fi nama irraa kan ta’e (irraan maganfadha).” (Annaas: 1-6).

Sila Rabbiin buluudhamoo warra gara hamtuutti lallabuun buluutu dursa?

Akka isaan bakka hundarra si ari’anu beekuu qabda. Kallattii danda’an cufaan gara jallinaatti si deebisuuf socho’u. Akka gariin isaanii natti odeessetti booda inni tawbatee hiriyaan isheen hamtuun shufeera ishee ajajnaan ogga inni gara masjidaa deemu konkolaataa cinaa isaa oofnaan foddaa irraan isaan dubbatti turte.

Bakka sanatti

﴿يُشِيبُ اللَّهُ الَّذِينَ ءَامَنُوا بِالْقَوْلِ الثَّابِتِ فِي الْحَيَاةِ الدُّنْيَا وَفِي الْآخِرَةِ﴾ [إبراهيم: ٢٧]

“Warra amanan jireenya addunyaafi Aakhiraa keessatti jecha gadi dhaabbataadhaan Rabbiin gadi (isaan) dhaaba. Rabbiin miidhaa hojjattoota ni jallisa. Rabbiin waan fedhe hojjata.” (Ibraahiim: 27).

Yeroo dabre si yaadachiisuufi badii dabre sana si yaadachiisuuf kallattii hundaan bilbilaan, footoodhaan, ergaadhaan sosocho’u. Isaaniin hin bulin. Akka isaan si hin mokkorre eeggadhu. Seenaa Ka’ab bin Maalik Sahaabicha guddaa san yaadadhu. Yeroma Ergamaan Rabbiin ﷺ sahaabaa cufaa sababa Ka’ab lola Tabuuk irraa ooleef hanga Rabbiin eeyyamutti ittiin ooduu ajajan. Mootiin Ghassaan inni kaafirri ergaa akkana jettu itti erge: ‘kana booda: dubbiin, hiriyaan kee si jibbuun isaa nu dhaqqabeera. Rabbiin immoo biyya xinneenyaafi dhiphinaa keessa si hin keenye. Nutti kottu si simannaa’ jedheen. Kaafirichi Muslima kana akka gara isaatti Madiina keessaa bahee akka inni biyya kaafiraa keessatti badu barbaada.

Ijjannoon sahaabaa kabajaa kanaa maal ture laata? Ka’ab ni jedhe: ‘ogguman isa qara’u ‘ammas kun balaa irraayyi’n jedhe. Achumaanin gara boolla ibiddaa ishee geessee ishee gube.’

Atis yaa Muslima dhiiraafi dubraa! waan warri hamtuu sitti

ergan hundaa akkuma kana geessii hanga isheen daaraa taatutti gubi. Ogga ishee gubdu immoo ibidda aakhiraa yaadadhu.

﴿فَأَصْبِرْ إِنَّ وَعْدَ اللَّهِ حَقٌّ وَلَا يَسْتَخِفَّنكَ الَّذِينَ لَا يُوقِنُونَ﴾ [الروم: ٦٠]

(Yaa Muhammad!) Obsi. Dhugumatti, waadaan Rabbii dhugaadha. Isaan (Qiyaamaa) hin dhugoomsine akka si hin xiqqeessine.




Isaanoo na dinniinuu

Ani toobachuun fedha; garuu hiriyoonna warri durii fokkuu kiyya jidduu namaatti tamsaasuufi iccittii koo nama keessatti faacaafna jechuudhaan na sodaachisu. Isaan bira immoo suuraafi dokumentii baay’eeetu jira. Ani immoo kabajaa koo irrattin sodaadha.

Siin jenna:

waliyyoota shayxaanaa kanarratti qabsaa’i. Tooftaan shayxaanaa dadhabaadha. Kuni dhiibbaa gargaartota ibliistu sirratti wal ga’e. Sana booda obsaafi istiqamaa mu’umintootaa ilaali.

Beeki! Ati yoo isaan waliin deemtee isaanitti laaqamte badii ittiin of bira si tursiisan dabalata sirraa argatu. Ogga kana ati jalqabni keetis dhumti keetis khasaraa ta’a. Kanaafuu isaaniin hin bulin; isaanirratti gargaarsa Rabbirraa barbaadi. ‘Gahaan kiyya Rabbii Isarratti hirkachuun waa tole’ jedhi. Ergamaan Rabbii  yeroo ummata wahii sodaatan ni jedhu turan: ‘yaa Rabbi nuti qoma isaanii (kallattii isaan dhufan) keessa si taasifanna; hamtuu isaanii irraas sitti



maganfanna.’ Ahmadtu gabaase. Inni Sahiih Aljaami’iin keessas ni jira.

Sirriidha; bakki kun ijjanoo jabaadha. Dubartiin isheen toobannaan hiriyaan ishee inni hamaan itti bilbilee ‘haasaa kee hundaa waraabeera; footoon keetis na bira jira. Yoo ati ana waliin bahuu didde maatii kee birattin si fokkisiisa’ jedhee ishee dinniina. Dhuguma bakkichi bakka rakkisaadha.

Gara lola waliyyoota shayxaanaa kan warri muziiqaafi diraamaa toobannaan kaasettoota isaanii duraanii isa irra hamaa gabaa keessa tamsaasanuu ilaali. Kun immoo dhiibbaafi lola saayikooloojiiti. Garuu Rabbiin warra isa sodaatanuufi tawbaa godhan waliin jira. Inni gargaaraa Mu’umintootaati. Kanaafuu isaan hin xiqqeessu; kophaattis isaan hin dhiisu. Gabrichi gara isaatti dabee takkaa salphate hin jiru. Rakkina waliin qananiin jiraachuufi dhiphina booda bal’inni jiraachuu beeki.

Yaa obboleessa toobattu seenaa jijjiirama addaa fidu ifaa ta’e waan jennu irratti ragaa ta’e ilaali:

Isheen seenaa sahaabicha guddaa Marsad bin Abii Marsad Alghanawiyyi Alfidaa’iyyi isa ummata Muslimaa dadhabaa Makka irraa gara Madiinaa iccitiidhaan baatee deemsisuudha. Maqaan isaa Marsad bin Abii Marsad ture. Inni namoota



Makka irraa fuudhee gara Madiinaa fida ture. Ni jedhe: niitii sagaagaltuun tokko kan Inaaq jedhamtu Makkaan turte; jaalallee isaa turte. Inni yeroo wahii nama wahiitiif Makka irraa gara Madiinaa geessuuf waadaa galee ture. Halkan jiini jiru keessan gaaddisa dallaa Makkaan jiru tokko dhufee dhaqqabe. Inaaq dhuftee gurraacha gaaddisa kiyyaa cinaa dallachaatti argite. Yeroo gara kiyya dhihaattu na bartee ‘Marsadii?’ naan jette. ‘Ee Marsdin’ jedheen. ‘Ballinaan qubadhu. Kottuu nu bira buli’ jette. Nan jedhe: ‘yaa Inaaq Rabbiin zinaa haraama godheera.’ Achumaan ‘yaa warra godoo! Inni kun namoota keessan fuudhee deemaara’ jette. Namoonni saddeet na hordofan. Gaara seensa Makkaa irra jiru Khandamaa jedhamu seeneen dhaqee iddoo holqaa ga’e. Nin seene. Dhufanii mataa kiyya irra dhaabatan. Rabbiin isaan narraa jaamse. Sana booda ni deebi’an. Gara saahiba kootii deebi’een isa baadhee deeme. Inni nama ulfaataa ture. Yeroon iddoo izkhiraa ga’u hidhaa isaan isa irraa hiike. Isan baadhan ture. Odoo na dadhabsiisun Madiinaan dhaqqabe. Ergamaa Rabbiitti ﷺ dhufetan ‘yaa Ergamaa Rabbi Inaaqaa fuudhuu? n’ si’a lama jedhe. Ergamaan Rabbi ﷺ ni callisan; homaa hin deebifne. Achumaan jechi Rabbi kan armaan gadii buute.

﴿الزَّانِي لَا يَنْكِحُ إِلَّا زَانِيَةً أَوْ مُشْرِكَةً وَالزَّانِيَةُ لَا يَنْكِحُهَا إِلَّا زَانٍ أَوْ مُشْرِكٌ﴾ [النور: ٣]

“Dhiirri sagaagalaan sagaagaltuu yookiin dubartii



mushrika taate malee hin fuudhu. Dubartiin sagaagaltuunis dhiira sagaagalaa yookiin dhiira mushrika ta'e malee namni biraa ishee hin fuudhu.” (Annuur: 3).

Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: “yaa Marsad! Dhiirri sagaagalaan sagaagaltuu yookiin dubartii mushrika taate malee hin fuudhu. Dubartiin sagaagaltuunis dhiira sagaagalaa yookiin dhiira mushrika ta'e malee namni biraa ishee hin fuudhu. Kanaafuu ishee hin fuudhin.” Tirmiziitu gabaase.

Akkamitti akka Rabbiin warra amane irraa deebisuufi akkamitti akka Rabbiin warra gaarii hojjatuu waliin ta'u ilaaltee?

Yoo wanti ati sodaattu haasaa fokkisaadhaan dirree ba'ee dubbichi ibsa barbaade ijjanoo kee nama biraatiif ibsii ifumaan itti dubbadhu. Jedhiin: 'eeyyeen nama dilii hojjatun ture. Amma immoo gara Rabbii deebi'eera. Maal feeturee?'

Hundi keenyayyuu fokkuun inni guddaan isa Guyyaa Qiyaamaa fuuldura Rabbiitti ta'uu haa yaadannu. Inni guyyaa xinneenya guddaati. Isheen fuuldura nama dhibbaa yookiin dhibba lamaa, kumaa yookiin kuma lamaatii miti. Isheen Guyyaa Qiyaamaa fuuldura wal ga'ii uumama hundaa, maleykaa, jinniifi namootaa Adam irraa kaasee hanga dhumaa jiruuti.

Gara du'aa'ii Ibraahiim kottu:

﴿وَلَا تُخْزِي يَوْمَ يُبْعَثُونَ﴾ (٨٧) ﴿يَوْمَ لَا يَنْفَعُ مَالٌ وَلَا بَنُونَ﴾ (٨٨) ﴿إِلَّا مَنَ اتَى اللَّهَ يَقْلَبُ﴾
سَلِيمٍ ﴿٨٩﴾ [الشعراء: ٨٧ - ٨٩]

“Guyyaa isaan (gabroonni) kaafamanis na hin xinneessin.” Guyyaa qabeenyiifi ilmaanis homaa hin fayyadne. Nama onnee qulqulluudhaan Rabbitti dhufe malee.” (Ashu'araa'i: 87-89).

Yeroo rakkiftuu kana keessa du'aa'ii nabiyootaatiin of tiksii. Yaa Rabbi badii keenya dhoksi; sodaa keenyas naggaa nuuf godhi. Yaa Rabbi mallattoo keenyas nama nu miidhe irratti taasisi. Nama nurratti daangaa dabre irrattis nu tumsi. Yaa Rabbi diinota keenyaafi warra hisdii qaban nurratti hin gammachiisin.





Diliin koo jireenya kiyya narratti jeeqa

Jechuun kee ni mala: ani dilii baay’ee hojjadheen gara Rabbiitti tawbadhe. Garuu diliin koo na ariiti. Waanin hojjadhe yaadachuun jireenya kiyya narratti jeeqa. Ciisa kiyyas ni dhiphisa; halkan kiyya hirriba malee na bulcha. Boqonnaa kiyyas narratti dhiphisa. Kallattiin boqotan maali?

Yaa obboleessa Muslimaa siinin jedha: miirri kun sitti dhaga’amuun tawbaan kee dhugaa ta’uu irraayi. Dhugumaan gaabbuu jechuun kana. Gaabbiin immoo matumti isaa tawbaadha. Waan dabre kana ija Rabbiin kajeeluutiin ilaali. Akka Rabbiin siif araaramu kajeeli. Rahmata Rabbii irraa abdi hin kutatin. Rabbiin ol ta’e ni jedhe:

﴿ قَالَ وَمَنْ يَقْنَطُ مِنْ رَحْمَةِ رَبِّهِ إِلَّا الضَّالُّونَ ﴾ [الحجر: ٥٦]

“jallattoota malee namni rahmata Rabbii irraa garaa muru hin jiru.” (Al-hijr: 56).

Ibn Mas’uud irraa odeeffamee ﷺ ni jedhe: “diliin irra guddaan Rabbitti qindeessuu, tooftaa Rabbii irraa of



amanuu, rahmata Rabbii irraa garaa muruufi marartee Rabbii irraa abdii kutachuudha.”Abdurrazaaqtu gabaase. Haysamiifi Ibn Kasiir sahiha godhaniiru.

Mu’uminni sodaafi kajeellaa jidduu ta’ee gara Rabbiitti dhihaata. Yeroo garii keessa sababa wahiitiif jecha tokkoon isaanii kan biraa irra caaluun ni mala. Yeroo badii wahii hojjate akka tawbatuuf jecha kallattii sodaa baay’isa. Yeroo tawbate immoo dhiifama Rabbii barbaachaaf jecha kallattii kajeellaa baay’isa.



Dilii kiyya ofirratti amanuun qabaa?

Namichi tokko sagalee gaddaa wahiitiin gaafatee ni jedhe: ‘tawbachuun fedha; garuu dilii kiyya deemee waanin hojjadhe ofirratti amanuun qabaa? Waanin hojjadhe hundaa fuuldura abbaa murtiitti amanee akka haddiin narra dhaabatu barbaaduun ulaagaa tawbaa kiyyaa irraayyii?’ jedhe.

Seenotiin as dhiheenyaatti dubbannee dabarsine kan tawbaa Maa’iz, kan dubartittiifi kan namicha dubartii wahii atikiltii keessatti dhungatee akkamitti hiikama ree?

Yaa obboleessa Muslimaa siinin jedha:

gabrichi tokko mataa isaatiin kallattiidhumaan Rabbitti dhaqqabuun waan tawhiinni guddaan Rabbiin nuuf jaallate kun ittiin adda bahuudha. Rabbiin ol ta’e ni jedhe:

﴿وَإِذَا سَأَلَكَ عِبَادِي عَنِّي فَإِنِّي قَرِيبٌ أُجِيبُ دَعْوَةَ الدَّاعِ إِذَا دَعَانِ﴾

[البقرة: ١٨٦]

*“Yeroo gabroonni kiyya Ana irraa si gaafatanis
“dhugumatti, Ani isaanitti dhihoodha” (jedhiin). Kadhaa*



kadhataatiif yeroo inni na kadhate nan owwaadha. Akka qajeelaniif jecha naaf haa owwaatanu; nattis haa amananu.” (Albaqaraa: 186).

Yeroo tawbaan Rabbiin qofaaf ta’uu bartan dilichas ofirratti mirkaneessuun Rabbiin qofaafi. Du’aa’ii isa caalaa du’aa’ota biraa ta’e keessatti Nabiyyiin ﷺ ni jedhan: “qananii kee ati narraa qabdu siifan mirkaneessa; dilii kiyyas siifan mirkaneessa.” Kana jechuun yaa Rabbi suma qofaafin dilii kiyya mirkaneessa jechuudha.

Alhamdulillah nuti akka Nasaaraa qeesii wahii keeyyannee abbaa hafuuraa jennee moggaafnee badii keenya isa fuulduratti amanuu nu hin barbaachisu.

Inumaayyuu Rabbiin ol ta’ee ni jedhe:

﴿الْمُرِّيْعَلْمُوْا اَنَّ اللّٰهَ هُوَ يَقْبَلُ التَّوْبَةَ عَنْ عِبَادِهِ﴾ [التوبة: ١٠٤]

“sila akka Rabbiin kan tawbaa gabricha Isaa irraa qeebalu Isa qofa ta’e hin barree” (Attawbaa: 104).

Kana jechuun wanti tokkollee odoo jidduu hin seenin kallattiidhumaan qeebala jechuudha⁽¹⁾.

1 Kana jechuun namni tokko dilii wahii yoo hojjatee Rabbiin isa satara dhufee of himuun hin barbaachisu. Kanaafuu Ergamaan Rabbii ﷺ “ummata kiyya hundaafuu ni dhiifama warra dilii dirree baasu malee” jedhan. Badii dirree baasuufi isa dhokatanii hojjataniyyuu namatti himuun hin jaalatamu. Kan warra dhufee Nabiyyiitti ﷺ himanii maal akka ta’e sheekhninuu deebii qaxii itti aanu keessatti kenneera.

Waa’ee haddii (adabbii Rabbiin murteesse) dhaabuu ilaalchisee immoo yoo gara imaamaa yookiin abbaa murtii hin dhaqqabin dhufanii ofitti amanuun dirqamaa miti.

Namni Rabbiin isa dhokse of dhoksuun rakkoo hin qabu. Jidduu isaatiifi Rabbiitti tawbachuun isaaf ga’a. Maqaa Rabbii keessaa tokko ‘Assittiir’, kan akkaan nama dhoksu jechuudha. Inni dilii gabricha isaa dhoksuu ni jaalata. Sahaabonni warri dubbannee dabarsine kan akka Maa’iz, dubartittiin zinaa gooteefi namichi dubartii bustaana keessatti dhungate, Rabbiin hunda isaanii irraayyuu haa jaallatuu, waan isaan irratti dirqama hin taane hojjatan. Kun sababa isaan of qulqulleessuudhaaf dharraa guddaa qabaniif. Ragaan isaa Ergamaan Rabbii ﷺ yeroo Maa’iz isaanitti dhufu si’a afur irraa gara galan. Dubartittii irraayis yeroo jalqabaa gara galaniiru. Akkasumas jecha Umar namicha atikiltii keessatti dubartittii dhungateen jedhes ‘odoo inni of dhoksee Rabbiin isa dhoksee ture’ Ergamaan Rabbii ﷺ callisanii isa mirkaneessaniiru.

Kana irratti hundaa’uudhaan gara mana murtii deemanii ofirratti amanuun dirqamaa miti. Akkasumas gara masjidada deemanii imaamaan haddii narra dhaabi jechuun dirqamaa miti. Akkasumas hiriyootaan walii galanii mana keessatti hanga ajajame sana tumuun barbaachisaa miti.

Bakka kanatti ijannoon garii wallaalaa ilaalchi jarri

warra tawbate irraa qabu kan akka seenaa armaan gadii keessatti ifa gala.

Namni dilii qabu tokko gara imaama masjidada wallaalaa ta'e wahii dhufee dilii hojjate isa biratti amanee furmaata isa biraa barbaade. Imaamni kun ni jedhe: 'gara mana murtii deemtee akka sharii'aatti badii kee ofirratti amantee haddiin sirra dhaabamuun dirqama. Waa'een kee sana booda ilaalama.' Namichi yeroma kana hubatu akka haasaa kana hojiirra oolchuu hin dandeenye hubatee tawbaa dhiisee gara dilii keessa tureetti deebi'e.

Carrattii kanatti fayyadameen dubbii barbaachisaa asitti siniif ibsa. Yaa Muslimootaa! Ahkaama diinii baruun amaanaadha. Akkasumas burqaa (hundee) ishee kan sirrii ta'e irraa barbaaduunis amaanaadha. Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿فَسْأَلُوا أَهْلَ الذِّكْرِ إِنْ كُنْتُمْ لَا تَعْلَمُونَ﴾ [النحل: ٤٣]

“yoo kan hin beekne taataniif warra beekumsaa gaafadhaa.” (Annahl: 43).

Ammas Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿الرَّحْمَنُ فَسَّأَلْ بِهِ خَيْرًا﴾ [الفرقان: ٥٩]

“(Inni) Rahmaani. Kanaaf haala keessa beekaa ta'een isa gaafadhu.” (Alfurqaan: 59).

Namni da'awaa godhu hundi fatwaadhaaf hin tolu. Imaamni masjidada yookiin mu'azzinni hundi ahkaamni sharii'aa nama dhuunfaatti rarra'u itti himamuudhaaf hin ta'u. Namni ijoollee leenjisu yookiin haasa'u hundi fatwaa dabarsuudhaaf hin ta'u. Muslimni nama fatwaa irraa fudhatu irraa ni gaafatama. Kun gaafi ibaadaati. Salafni tokko ni jedhe: “barnoonni kun diiniidha. Nama diinii keessan irraa fudhattan ilaalaa.” Yaa gabroota Rabbii mucuca kana irraa sodaadhaa. Waan isinirratti wal makate keessatti warra beekumsa qaban barbaadaa. Gargaarsi Rabbuma qofarraa barbaadama.





Fatwaa barbaachiftuu warra tawbatuuf

Jechuun kee ni mala: toobachuun fedha; ahkaama tawbaan wallaale. Sammuu kiyya keessa gaafii baay'eetu waa'ee tawbaan dilii garii irraa sirrii taatii, akka kamiinin haqa Rabbii kanin balleesse guuta, haqa gabroota Rabbii kanin fudhe akkamiinin deebisa kan jedhutu deddeebiti. Gaafilee kanarratti deebiin ni jiraa?

Yaa namicha gara Rabbii deebitu! waan nama dheebote dheebuu baasu fudhu:

G1 Ani dilii keessa seeneen irraa toobadhe. Ammas nafsiin kiyya kan hamtuutti ajajju na mo'attee gara sana deebi'a. Sila tawbaan koo inni duraa badeeti diliin kiyya inni duraafi kan isa boodaas narratti hafa?

D1 Beektoleen baay'een tawbaan sirrii ta'uudhaaf gara dilii san deebi'uu dhiisuun ulaagaa¹ miti jedhu.

¹ As irratti garuu kan hubatamuu qabu namichi ogga toobatu sana itti hin deebi'u jedhee murteesse toobachuu qaba kan jedhuudha. Yoo sana booda lubbuuniifi shayxaanni isa kakaafnaan itti deebi'e tawbaa isa duraa irratti rakkoo hin fidu. Garuu yoo jalqaba ogguma tawbatu yoon carraa argadhe ammas ittin deebi'a jechuu qalbii keessaa qabaateef tawbaan isaa tawbaa hin jedhamu.



Ulaagaan tawbaan sirrii ta'uu dilii irraa buqqa'uu, isa darbe irratti gaabbuu, fuulduratti itti hin deebi'u jedhee murteessuudha. Yoo kana booda itti deebi'e akka nama dilii haaraa hojjateeti. Tawbaa haaraatu isarratti dirqama ta'a. Tawbaan isaa isheen duraa sirriidha.



G2 Odoon dilii biraa hojjataa jiruu dilii kaan irraa tawbannaan tawbachi sirrii ni ta'aa?

D2 Namni dilii tokko irra jiru yoo kan biraa irraa toobateef ni qeebalama. Garuu dilichi gosa tokko ta'uu hin qabu. Akkasumas dilii sanaan hariiroo qabaachuu hin qabu. Fakkeenyaaf yoo ribaa (dhala) irraa toobatee khamrii dhuguu irraa toobachuu dhiiseef tawbaan isaa kan inni ribaa irraa toobate sirriidha. Garuu yoo ribaa isa dabalataa irraa toobatee ribaa isa baallamaa irraa tureef yeroo kana tawbaan isaa hin qeebalamtu. Akkasumas namni shiishaa xuuxuu toobatee khamrii dhuguu itti fufe yookiin khamrii irraa toobatee shiishaa itti fufee dhuge tawbaan isaa hin qeebalamu. Akkasumas namni zinaa dubartii tokkotti gochuu irraa toobatee kaanitti zinaa godhe tawbaan isaa sirrii hin ta'u. Warri kun wanti guddaan isaan hojjatan dilii tokko irraa tokkotti jijjiiratan malee homaa miti.



G3 Yeroo tare keessatti haqa Rabbii kan akka salaataa dhiisee hin salaatin hafe, sooman dhiiseefi zakaan dhorgadhe hamma maal hojjachuun qaba?

D3 Akka jecha filatamaa ta'eetti namni salaata dhiisee yeroon ishee keessaa ba'e qadaan (kafaltiin) isarra hin jiru. Sababni isaas yeroon ishee tareera; itti dhaqqabsiisuun immoo hin mijaa'u. Tawbaafi istighfaara baay'isuudhaan bakka buusa. Akkasumas akka Rabbiin isaaf dhiisuuf jecha salaata sunnaa baay'isuudhaan bakka buusa.

Namni sooma dhiise immoo yoo yeroo sooma dhiisu Muslima ta'e qadaan isarratti dirqama ta'a. Kun immoo hanga Ramadaanni inni itti aanu seenutti tokko tokkoon guyyaa rakkoo malee tursiise sana irraa miskiina nyaachisuu waliin ta'a. Kun kaffaaraa isa tursiise ta'a. Isheen immoo tokkittiidha; odoma jiini Ramadaanaa wal hohordofee irra tareeyyuu hin baay'ifamtu.

Fakkeenya isaa nama tokkotu Ramadaana bara 1400 A.H guyyaa 3 taatiyaa'ee sooma dhiise; kan bara 1401 immoo guyyaa 5 dhiise. Waggaa hanga ta'e booda tawbatee gara Rabbii deebi'e. Kan isarratti dirqama ta'u sooma guyyaa saddeetiiti. Akkasumas guyyaa saddeettan booda aanse kana irraa bakka guyyaa tokkoo hiyyeessa nyaachisa.

Fakkeenya biraa: dubartii ga'eessatu bara 1400 AH haasawa maatii isheetiin bultee guyyaa haydiin irra jiru saddeet

soomte. Qadaa hin baafne. Amma immoo tawbattee gara Rabbii deebite. Murteedhuma isa darbeetu isheerras jira. Garaagarummaan jidduu salaata dhiisuufi sooma dhiisuu akka jiru beekuun barbaachisaadha. Beektota irraa namni yoo sooma beekaa uzrii wahiitiin malee dhiise qadaan isarra hin jiru jedhan ni jiru.

Namni zakaa dhiise immoo ishee baasuun isarratti dirqama. Isheen kallattii tokkoon haqa Rabbiiti. Kallattii biraatiin immoo haqa hiyyeessaati.



G4 Yeroo badiin jidduu ilmaan namaatti ta'e tawbaan akkam ta'a?

D4 Bu'uurri kanaa hadiisa Ergamaa Rabbiiti ﷺ: "namni miidhaan wahii kabaja yookiin qabeenya irraa ta'e kan obboleessa isaa isa bira jiru har'uma odoo guyyaan diinaarriifi meetiin hin jirre hin dhufin of irraa haa hiiku. Guyyaa san yoo inni hojii gaarii qabaate hanga miidhaa isaatiin irraa fuudhama. Yoo inni hojii gaarii hin qabaatin immoo badiin saahiba isaa fuudhamee isarra godhama." Bukhaariitu gabaase. Namni toobatu miidhaa kana irraa yoo meeshaa ta'e gara abbaatti deebisuudhaan yoo kabaja ta'e immoo dhiifama gochisiifachuudhaan ta'a.



G5 Hamii namaa keessa seeneera; namoota garii immoo waan isaan irraa qulqulluu ta'aniin arrabseera. Kana isaanitti himanii dhiifama gaafachuun dirqama ta'aa? Yoo ulaagaa hin taane immoo akkamittin toobadha?

D5 Gaafiin kun asitti bu'aafi miidhaa isaa ilaaluu irratti hundoofti. Yoo inni waan isa hamate yookiin komate itti hime isa hin jibbine yookiin isa irratti dallansuu hin dabalatanu ta'e jecha walii galaa wahiitiin ifsee isaanitti himee dhiifama irraa barbaada. Fakkeenyaaf 'ani ergasii waa'ee kee keessatti dogongoreen ture; haasaadhaan si miidheen jira. Amma immoo toobadhee gara Rabbii deebi'eeraa naaf dhiisi' jedhaan. Kun odoma adda baasee itti hin himin ta'a. Kun rakkoo hin qabu.

Yoo ogga inni waan isaan hamate yookiin komate itti himu kan isa jibbanu yookiin isa irratti dallansuu dabalatanu ta'e, yeroo baay'ee dubbii immoo isa kana ta'a, yookiin ogga inni jecha walii galaatiin isaanitti hime adda adda babaasee itti himu malee kan jedhan ta'e ogga ishee immoo dhaga'an jibbaa isaa dabalatan ta'e, inni ogga kana isaanitti himuun dirqama itti hin ta'u. Sababni isaas sharii'aan badii dabaluuitti hin ajaju. Waan namni duraan dhaga'uu baatee boqotee jiru tokko bifa jibbaadhaaf sababa ta'ee kaayyoo sharii'aa kan qalbii namaa walitti harkisuufi jidduu Muslimaatti wal jaalachiisuu ta'e faallessu itti

himuu ta'a. Inumaayyuu yeroo tokko tokko jibbaa guddaa qalbiin namicha hamatamee akka inni nama isa hamateef hin qulqulloofne godhu uuma. Yeroo haalli kun jiraate tawbaadhaaf wantoonni armaan gadii gahaadha:

- 1 Gaabbuufi araarama Rabbirraa barbaadu. Kun immoo fokkina dubbii kanaa xiinxaluufi haraama ta'uu ishee amanuu waliin ta'uu qaba.
- 2 Namoota sila hamii yookiin arraba sana dhaga'an biratti lubbuu isaa kijibsiisee isa arrabsame qulqulleessuu qaba.
- 3 Namicha duraan komate sana bakka isa miidhetti khayriidhaan isa kaasuuftuu isaa dubbachuu qaba.
- 4 Nama hamate sana irraa deebisuu, yeroo namni biraa hamtuudhaan isa kaasuu fedhe irraa mormuu qaba.
- 5 Bakka inni hin jirretti araarama namichaaf kadhachuus qaba.

Yaa obboleessa Muslimaa haqqii qabeenyaatiifi miidhaa qaamaa, hamiifi walitti naqaa jidduu garaa garummaatu jira. Haqqi qabeenyaa abbaan isaa ogga itti himamee gara isaa deebifame isarraa fayyadama. Kanaan ni gammada. Kanaafuu akka haqa isa kabajaatti rarra'uu dhoksuun hin ta'u. Kan kabajaatti rarra'u namichaaf miidhaa malee waa fayyaduu dhiisuun ni mala.

G6 Namni beekaa nama ajjeese akkamitti toobata?

D6 Nama beekaa nama ajjeese irra haqa saditu jira. Isaanis: haqa Rabbii, haqa isa ajjeefameefi haqa warra dhaaluuti. Haqqiin Rabbii tawbaadhaan malee hin kafalamu. Haqqiin warra dhaaluu immoo lubbuu ofii isaanitti dabarsee kenninaan haqa isaanii guuttachuudha. Yoo gumaa⁽¹⁾ ta'e yookiin diyaa ta'es akkasuma yoo isaaf dhiisanis ni ta'a.

Kana booda haqa namicha ajjeefamee isa addunyaatti guutuun hin danda'amnetu hafa. Beektolen bakka kanatti ni jedhan: 'yeroo tawbaan namicha ajjeese bareede Rabbiin haqa isa ajjeefamee irraa fuudhee isa ajjeefameef Guyyaa Qiyaamaa khayrii of biraa kennaaf.' Kun jechoota jiran keessaa isa irra gaariidha.



G7 Hattuun akkamitti toobata?

D7 Yoo wantichi amma isa bira jiraate ni deebisa. Yoo inni dhumeera ta'e yookiin ittiin hojjannaan yookiin turuudhaan hir'ateera ta'e sana bakka buusa. Yoo jarri isaaf dhiisan immoo Alhamdu lillaah.



1 Gumaatti kan ani fedhe waan nama keenya ajjeeseef ni ajjeefanna jechuu isaaniti. Diyaan immoo gaala dhibba tokko kafaluudha.



G8 yeroon naman duraa waa hate arge dhiphina guddaatu natti dhaga'ama; ifsee itti himuu hin danda'u. Dhiifama isaan gaafachuus hin danda'u.

D8 Kallattii ittiin dhiphina isa fuuldura dhaabbachuu hin dandeenye kana jalaa baatu barbaaddachuun rakkoo hin qabu. Fakkeenyaaf haqa isaanii nama biraatti itti ergitee akka inni maqaa kee hin dubbanne itti himuu, yookiin poostaadhaan isaanitti ergita. Yookiin dhoskitee isaan bira keessa. Yookiin dubbii dhoskitee kun haqa keessan nama bira jiruudha; inni immoo maqaa isaa dubbachuu hin fedhu. Walumaa galatti wanti barbaachisaan haqni gara abbaa isaatti deebi'udha.



G9 Ergasii dhokseen kiisii abbaa kiyayaa keessaa hatan ture. Amma immoo toobachuun fedha. Qabatamaan meeqa akkan fuudhe hin beeku. Animmoo isatti himuun natti ulfaata?

D9 Waan yaada keetiin hangana jettee yaaddu yookiin kan isa caalu shallagdee akkuma dhoksatee fudhatte yoo dhoksatee gara abbaa keetii deebifte rakkoo hin qabu.



G10 Namoota irraa waa hateen ture; amma immoo gara



Rabbii toobadheera. Gosa meeshaa isaanii immoo hin beeku.

Kan biraa ni jedhe: warshaa wahii irraa qabeenya wahii butee fudhadheen ture. Hojii ishee xumurtee biyya gadi dhiifteetti.

Inni sadaffaa immoo ni jedha: bakka daldalaa irraan meeshaa wahii hate. Bakki isaa jijjiirameera. Abbaa isaa hin beeku.

D10 Hanga dandeettii keetiitiin isaan barbaaduutu sirra jira. Yeroo isaan argite isaaniif deebisi Alhamdulillah. Yoo abbaan qabeenyichaa du'eera ta'e warra dhaaluuf kennita. Yoo barbaaddee dhabde qabeenya kana isaan irraa bakka bu'ii saddaqa. Odoma kaafira ta'aniyyuu isaaniif niyyadhu. Rabbiin addunyaatti isaaniif kenna aakhiraatti isaaniif hin kennu.

Wanti Ibn Alqayyim Madaarij Assaalikiin keessatti dubbate gaafii kana fakkaata. Namichi tokko hoomaa waraana Muslimaa keessaa boojuu irraa waa dhoksee fudhate. Ergasii yeroo hanga ta'e booda toobate. Waan fudhate sana fuudhee ajajaa loltootaatti fide. Isa harkaa qeebaluu dide. 'Loltoonni hoo adda faffaca'aniiruu akkamittin isaanitti dhaqqabsiisa?' jedhe. Namichi tawbatu kun Hajjaaj bin Ashaa'iritti dhufee fatwaa isa gaafate. Hajjaaj isaan jedhe:

‘yaa namicho! Rabbiin loltoota cufaa maqaa isaanii gosa isaanii waliin beeka. Tokko shanaffaa isaa gara abbaa isaatti kenniitii kan hafe immoo isaan irraa sadaqadhu. Rabbiin hunda isaaniittuu ni dhaqqabsiisa.’ Namichis akkasuma godhe. Yeroma dubbiin kun Mu’aawiyaatti himamu ‘deebii kanaan odoon fatwaa siif godheera ta’ee walakkaa mootummaa kootii irra na biratti jaalatama’ jedhe. Ammas fatwaan kana fakkaatu kan Shaykhul Islaam Ibn Taymiyah waa’ee seenaa kanaa keessatti inni kenne ni jira.



G11 Qabeenya yatiimaa wahiin saame; ittiin daldaaleen bu’aa argadhe. Qabeenyi dachaa hedduu dabale. Rabbiin sodaadheen gaabbe. Akkamiinin tobadha?

D11 Beektonni gaafii kana keessatti jecha bifa hedduu qabu. Inni caalaafi irra haqatti dhihaata jedhamu ‘ati indoo (hundee) qabeenyichaatiifi walakkaa bu’aa argamee yatiimichaaf deebifta. Kana jechuun atiifi isaan bu’aa keessatti hirmaattanii indoon immoo isaaniif deebi’a’ jechuudha.

Kun gabaasa tokkoon Imaamu Ahmad irraa odeeffameera. Kun yaada Shaykhul Islaam Ibn Taymiyaati; akkasumas darasaan isaa Ibn Alqayyim kana caalchise. Akkasumas yoo gaala wahiin yookiin re’oota wahiin saamee ilmaan

dhalteef isheeniifi walakkaan ilmaan kan abbaa qabeenyaa isa jalqabaati. Yoo isheen duute gatii isheeyyi walakkaa ilmaan ishee wajjin abbaa qabeenyaatiif kenna.



G12 Namichi tokko chaarjii xayyaaraa keessa hojjata. Meeshaa baay’ee isaan bira dhufa. Kaameeraa wahiin isaan keessaa butee fudhate. Booda waggaa hanga ta’etii toobate. Kaameerichuma deebisamoo gatii isaa kafalamoo kaameeraa isa fakkaatu kenna? Kaameeraan kun immoo gabaa irraa badeera.

D12 Kaameeraadhuma mataa isaa itti deebiseeti waan sababa barri turuutiin yookiin itti fayyadamuutiin hir’ate irra dabalee kennaaf. Kun immoo karaa mijaa’uun ta’a. Lubbuu isaa hin rakkisu. Yoo mijaa’uufi dhabe (abbaa arguu dhabe) abbacha bakka bu’ee saddaqaataaf.



G13 Qabeenya ribaa (dhala) irraa ta’e wahiitu na bira jira. Garuu ani hunda isheetuu sadaqadheen fixe. Waa tokko na biratti hin hafne. Ani amma nan toobataara; maaltu narraa barbaadama?

D13 Gara Rabbii guddaa tawbaa qulqulluu deebi’uu malee wanti sirraa barbaadamu biraa hin jiru. Ribaan immoo

waan halaakaati. Rabbiin guddaan Qur'aana keessatti warra ribaatti malee lola hin ajajne. Garuu kan kee waan qabeenyi ribaa hundinuu deemeef ammaaf kallattii isheetiin homaa sirra hin jiru.



G14 Qabeenya gariin isaa halaala gariin isaa immoo haraama ta'eenin konkolaataa bite. Isheen amma na biratti argamti. Akkamin godha?

D14 Namni waan adda adda ba'uu hin dandeenye kan akka manaa yookiin konkolaataa qabeenya gariin isaa halaalaa gariin immoo haraamaatiin bite qabeenya isaa kan biraa irraa waan sanaan wal qixa ta'u baasuun isaaf ga'a. Qabeenya kana gaaromsuuf jecha isa saddaqaata. Yoo qabeenyi haraamni kun haqa nama biraa ta'e waan isa fakkaatu isaaniif deebisuun isarratti dirqama ta'a.



G15 Namni qabeenyi isaa bu'aa daldala tamboo ta'e akkam godha? Akkasumas yeroo inni qabeenya isaa halaala ta'een wal makate akkam godha?

D15 Namni waan haraama kan akka meeshaa taphaa, kaasettoota haraamaafi tambootiin odoo murtii ishee beeku daldalee ergasii toobate bu'aa daldala haraama

kanaa hundaa kallattii khayrii keessatti baasee irraa qulqullaa'uu qaba. Garuu sadaqaa hin ta'u. Sababni isaas Rabbiin gaarii waan ta'eef gaarii malee hin qeebalu. Yeroo qabeenyi haraamni kun qabeenya biraa halaalaan wal makate, fakkeenyaaf akka nama suuqii daldalu kan isa keessa tamboon jiruufi meeshaan halaalli kan biraa jiru yoo ta'e, inni qabeenya haraama kana qabsoo isaatiin shallageeti hanga inni kun qulqulluudha kasbii halaala irraayi jedhee yaadu hambiseeti isa kaan baasa. Rabbiin immoo kan sana caalu bakka isaaf buusa. Inni qabeessa arjaadha.

Akka walii galaatti namni qabeenyi kasbii haraama irraa ta'e isa bira jiru, yoo toobachuu fedhe,

1 Yoo ogga kassabu sana kaafira ta'eef ogga toobatu ishee baasuun dirqama isarratti hin ta'u'. Sababni isaas Ergamaan Rabbii ﷺ ogga sahaabonni islaama'anu qabeenya haraama isaan bira jiru akka baasanu hin ajajne.

2 Yoo ogga kassabu immoo Muslima haraamummaa isaa beeku ta'e ogga toobatu qabeenya haraama irraa dhufe sana ni baasa.



1 Qabeenyi namaa murtii kana keessa waan seenu natti hin fakkaatu.

G16 Nama malaammaltummaa (gubboo) nyaatu ergasii Rabbiin gara haqaatti isa qajeelche. Qabeenya ishee malaammaltummaadhaan fudhate maal godha?

D16 Namichi kun haala lama keessaa hin ba’u:

1 Nama haqa qabu rakkatee haqa isaa argachuuf jecha malaammaltummaa kennu irraa gubboo fudhate ta’a. Sababni isaas yoo gubboo kenne malee haqa isaa argachuu waan hin dandeenyeef kenne. Bakka kanatti qabeenyicha gara abbaa malaammaltummaa san isaaf kenneetti deebisuun dirqama ta’a. Ogga kana inni akkuma qabeenya saamameeti. Dirqamatu gara kennuutti namicha geesse.

2 Yoo namichi fudhate kun nama malaammaltummaa miidhaadhaaf kennu kan akka waan haqa isaa hin taane fudhachuutiif kennuu irraa fudhate ta’e inni kun wanti isarraa fudhatame isatti hin deebifamu. Kallattiin namichi toobatu kun qabeenya haraama kana irraa ittiin qulqullaa’u kallattii khayrii keessatti kennuudhaan ta’a. Fakkeenyaaf hiyyeessaaf kennuudhaan. Akkasumas haqa abbaa haqaa irraa jallise sanas toobachuun isarra jira.



G17 Hojii haraama hojjadheen sababa isaatiin qabeenya fudhadhe. Amma ergan toobadhee namoota natti kennanitti deebisuun narratti dirqama ta’aa?

D17 Namni qabeenya haraama hojjatu, yookiin tajaajila haraama dhiheessuudhaan sababa isaa qarshii wahii fudhatu ogga odoo qabeenyi haraamni sun isa bira jiruu gara Rabbiitti toobate bakka biraatti baasuudhaan irraa qulqullaa’a malee gara abbaa qabeenyichaatti hin deebisu.

Sagaagaltuun isheen zinaa irratti qarshii fudhatte ogga toobatte gara sagaagalaa sanaatti hin deebiftu. Namni muuziiqaa kan muuziiqaadhaan qabeenya fudhate qabeenyicha gara warra saganticha qopheesseetti hin deebisu. Warri khamrii yookiin waan sammuu hadoochu gurgure qarshicha gara warra irraa bitee hin deebisu. Namni ragaa sobaa ba’ee qarshii fudhate gara namicha ragaa sobaatiif isatti fayyadameetti hin deebisu. Sababni isaas ogga inni qabeenya haraama kana namicha dilaawaatti deebise haraama isa fudhateefi isa inni itti deebise kana walitti qabachiise ta’a. Badii irratti isa gargaareera ta’a. Kanaafuu of irraa baasuu qofatu isa gaha. Kun filannoo Shaykhul Islaam Ibn Taymiyaati. Darasaan isaa Ibn Alqayyim is filate.



G18 Dubbii na dhiphisuufi cinqiidhaaf sababa naaf ta'utu jira. Innis ani niitii tokkoo waliinin sagaagalummaa godhe. Akkamiinin toobadha? Dubbii kana dhoksuudhaaf ishee fuuchuun naaf eeyyamamaa?

Kan biraa immoo kan inni gaafatu: 'biyya alaatti dubartii wahii waliin sagaagala raawwadhe. Dubartittiin ni ulfoomte. Kun ilma isaa ni ta'aa? Qallaba mucaa erguun isarratti dirqama ta'aa?' kan jedhuudha.

D18 Gaafiin waa'ee sagaagalaa irraa gaafatamu hanga malee baay'ateera. Baay'inni ishee daangaa dabree hanga Muslimni hundinuu waa'ee kanaa deebisee ilaalee xiinxalee akka Qur'aanaafi Hadiisaa irratti hundaa'ee ishee gaaromsu bira ga'eera. Keessumaayyuu ija gadi qabachuufi dubartii waliin kophaa bahuu ilaalchisee, dubartii ajnabii dubbisuu dhiisuun, hijjaaba sharii'aa guutuu ta'e uffachuun, rakkoo dhiiraafi dubartiin wal makachuu hubachuufi gara biyya kaafiraa imala bahuu dhiisuu, mana Muslimaa, maatii Muslimaafi fuudha ijoollummaatti xiyyeeffannoo kennuufi cinqii isaa salphisuun akkaan barbaachisaa ta'a.

Gaaficha ilaalchisee immoo namni sagaagalummaa hojjatu haala lama irraa hin ba'u.

1 Dirqamaan dubartittiidhaan odoo isheen hin jaalatin wal qunnamuu: inni kun bakka miidhaa isheerra dhaqqabee

mahrii isheedhaan wal fakkaatu isheedhaaf kennuutu isarra jira. Kun ammas tawbaa qulqulluu tawbatee gara Rabbii deebi'uu waliin ta'uu qaba. Yeroo dubbiin isaa gara imaamaa yookiin nama bakka imaamaa bu'u dhaqqabe immoo haddiitu irra dhaabama.

2 Jaalala isheetiin zinaa isheetti godhuu: inni kun immoo tawbaa malee homaa isarratti dirqama hin ta'u. Ilmoon isaaf hin kennamu. Isa qallabuunis dirqama isarratti hin ta'u. Sababni isaas ilmoon waan zinaa irraa dhufeeffi. Namni akkanaa haadhaan waamama. Gosa namicha zinaa godheetti isa dhaqqabsiisuun hin ta'u.

Namni toobatu dubbicha dhoksuu jedhee ishee fuuchuun hin ta'u. Rabbiin ol ta'e ni jedhe:

﴿الزَّانِ لَا يَنْكِحُ إِلَّا زَانِيَةً أَوْ مُشْرِكَةً وَالزَّانِيَةُ لَا يَنْكِحُهَا إِلَّا زَانٍ أَوْ مُشْرِكٌ﴾ [النور: 3]
“Dhiirri sagaagalaan sagaagaltuu yookiin dubartii mushrika taate malee hin fuudhu. Dubartiin sagaagaltuunis dhiira sagaagalaa yookiin dhiira mushrika ta'e malee namni biraa ishee hin fuudhu.” (Annuur: 3).

Dubartii garaa ishee keessa ilmoon zinaa jiru, odoma namicha irraa ta'eeyyuu fuuchuun hin ta'u. Akkasumas dubartii ulfa ta'uufi ta'uu dhabuu ishee hin beeknes fuuchuun hin ta'u.

Yeroo inni tawbatee isheenis tawbaa qulqulluu toobattee

gadaamessi ishee qulqulluu ta'uun beekame, ogga kana ishee fuuchuun isaaf eeyyamama. Kana booda jireenya haaraa Rabbiin jaallatu ishee wajjin eegala.



G19 Rabbitti maganfadhee, ani sagaagala wahii raawwadheera. Niitii sagaagaltuu sanan fuudhe. Wagga dheeraa turreerra. Aniifi isheen gara Rabbii dhugaan tawbanneerra. Maaltu narratti dirqama ta'a?

D19 Erga tawbaan kallattii lamaan irraayyuu sirrii taatee argamtee ulaagaa sharii'aan kaa'een nikaah deebifachuutu isin irra jira. Innis fira isheetiifi ragaa lamaa waliin ta'uudha. Kun immoo mana murtiitti ta'uun dirqamaa miti. Manuma keessatti yoo godhames gahaadha.



G20 Dubartii tokkotu jetti: isheen dhiira gaarii wahiitti heerumte. Odoo hin heerumin dura waan Rabbiin hin jaalanne hojjatteetti. Amma qomti ishee ishee komata. 'Waan ishee irraa yeroo duraa argame sana abbaa manaa isheetti himuun dirqama ishee irratti ta'aa?' jettee gaafatti.

D20 Haadha manaafi abbaa manaa kam irrattuu badii duraan tare walitti himuun dirqamaa miti. Namni badii fokkisaa kanaan duraan morkorame sitrii Rabbiitiin of haa

dhoksu. Tawbaa qulqulluu tawbachuun isaaf gahaadha.

Garuu namni bikraa fuudhee ogga inni irra seenu immoo sababa badii duraan hojjattee akkas ta'uu dhabuun ifa isaaf gale mahrii isheedhaaf kenne sana fudhatee isheerraa adda ba'uu danda'a. Yoo isheen sirriitti tawbachuu baree ishee dhoksee waliin ture immoo inni mindaa Rabbiin biraa argata.



G21 Nama sagaagala liwaaxa (dhiirri lama wal qunnamuu) irraa tawbatu maal gochuu qaba?

D21 Namicha kana hojjates ta'ee isa itti hojjatame irra dirqamni jiru lamaan isaaniiyyuu tawbaa guddaa tawbachuudha. Odoo inni hin beekin Rabbiin sababa badii isaanii ummata kana irratti adabbii akka ummata Luux irratti buuse buuseera ta'uu hin beeku. Wanti Rabbiin isaanitti godhe:

- 1** Ija isaanii qabnaan jaamaa ta'anii lafarra dhama'an. Rabbiin ol ta'e ni jedhe: "ifa ija isaanii haqne."
- 2** Iyyiinsa guddaa isaan irratti erge.
- 3** Biyya isaanii gadi gombise. Gubbaa ishee jala taasise.
- 4** Dhagaa suphee gubamaa irraa ta'e isaanitti harcaasee hunda isaanii dhabamsiise.

Kanaafuu, adabbiin nama badii kana raawwate irratti godhamu yoo fuudhes fuuchuu baatus ajjeechaadha. Ergamaan Rabbii ﷻ ni jedhan: “nama hojii ummata Luux odoo hojjatuu argitan isa hojjatus isa irratti hojjatamus ajjeesaa.” Abu Daawudiif Tirmiziitu gabaasan.



G22 Ani gara Rabbii toobadheera. Ana bira immoo wantoota haraamaa kan akka meeshaa muuziiqaa, kaasettootaafi filmii faantu jiru. Isaan gurguruun naaf eeyyamamaa? Keessumaayyuu ishee qarshii guddaa baafu?

D22 Waan haraama gurguruun hin eeyyamamu. Qarshiin inni itti gurgurames haraama. Ergamaan Rabbii ﷻ ni jedhan: “Rabbiin ogga waa tokko haraama godhe qarshii isaas haraama godha.” Abu Daawudtu gabaase. Inni hadiisa sahiha. Waan namni biraa haraamaaf itti fayyadamaa beektu isa gurguruun tasuma hin eeyyamamu. Sababni isaas Rabbiin kanarraa dhorgeera waan ta’eefi: “badiifi diinummaa irratti wal hin gargaarinaa.” Qabeenya addunyaa irraa hanga feete yoo kasaartes waan Rabbiin biraatu caalaafi hafaadha. Inni tolaafi arjummaa Isaa irraa bakka siif buusa.



G23 Ani nama jallataan ture. Yaada warra sekkulaarizimiin babal’isa ture. Seenaafi haasawa jal’inaa baay’een barreessa. Walaloo kiyyatti fayyadameen jallinaafi waan hunda halaala gochuu babal’isa ture. Rabbiin immoo rahmata isaatiin na dhaqqabeera. Dukkana keessaa gara ifaatti na baaseera. Akkamiinin tawbadha?

D23 Wallaahii isheen kun tola Rabbii guddaati. Isheen qajeeluma waan taateef irratti Rabbiin faarsi. Akka Rabbiin irra si tursiisuufi dabalata siif kennu kadhu.

Namni qalama isaatiifi arraba isaa Islaamaan loluudhaaf, aqiidaa jajalloo, bida’aa jalliftuu, yakkaa yookiin fincila babal’isuudhaaf itti fayyadamaa ture wantoota armaan gadiitu isarratti dirqama ta’a:

1 Kana hunda irraayyuu tawbachuu isaa ifa galchuu: kallattii danda’e hundaanuu ummata irratti akka ummata jalliseef uzrii ta’uuf jecha irraa deebi’uu isaa ibsuu qaba. Akkasumas baaxila irra ture sana akka namni duraan isaan jijjiirame hin gowwoomneef jecha ibsuu qaba. Shubhaa duraan kaaseefi dogongora keessa seene sana hordofee deebii itti kennee waan jedhe irraa qulqullaa’uu qaba. Kana ifa galchuun immoo dirqama waajiba tawbaa irraa ta’eedha. Rabbiin ol ta’e ni jedhe:

﴿إِلَّا الَّذِينَ تَابُوا وَأَصْلَحُوا وَبَيَّنُوا فَاُولَٰئِكَ أَثُوبُ عَلَيْهِمْ وَأَنَا
التَّوَّابُ الرَّحِيمُ﴾ [البقرة: ١٦٠]





“Garuu warri tawbatanii, hojii gaarii hojjatanii, (dhugaa dhoksan san) ifatti mul’isan warra san tawbaa isaanii isaan irraa nan qeebala. Ani akkaan tawba-qeebalaa, akkaan rahmata godhaa dha.”

(Albaqaraa: 160).

2 Qalama isaatiifi arraba isaa Islaama babal’isuu keessatti tamsaasuu, dandeettii isaa diinii Rabbii nassaruu, namoota haqa barsiisuufi gara isaatti waamuu keessatti ramaduudha.

3 Dandeettii isaa kana warra diina Rabbii irratti deebisuu, ittiin dirree isaan baasuufi karoora isaanii dirree baasuu keessatti itti fayyadamuudha. Kun immoo akkuma duraan isaan gargaaraa ture amma immoo matoota warra diinaa dhabamsiisuu qaba. Warra dhugaatiif sayfii ta’ee warra kijibaa muruu qaba. Akkuma kana namni nama tokkollee haa ta’uu odoma bakka kophaa wahiittillee waan haraama wahii halaala ta’uu isa amansiise, fakkeenyaaf ribaan halaala ta’uufi bu’aa qabaachuu barsiise, akkuma duraan isa jallise itti deebi’ee hanga badii isaa ofirraa harcaasutti isaaf ibsuu qaba. Kan nama qajeelchu Rabbuma.



Xumura

Yaa gabricha Rabbii! Rabbiin hulaa tawbaa baneera; itti hin seentuu. Ergamaan Rabbii ﷻ ni jedhan: “tawbaan hulaa qabaa bal’inni jidduu balbala isaa hanga jidduu bahaatiifi dhihaati.” Gabaasa biraa keessatti immoo “ballinni isaa adeemsa waggaa torbaatamaati; hanga biiftuun dhiha ishee irraan deebitee baatutti hin cufamu” jedhan. Axxabraaniitu Alkabiir keessatti gabaase. Inni Sahiih Aljaami’iin keessas ni jira.

Rabbiin akkana jedhee nu waame: “yaa gabroota koo! Isin halkaniifi guyyaa dogongortu; ani immoo dili cufaa nan araarama. Araarama narraa barbaadaa isiniifan araarama.” Muslimtu gabaase. Maaligaa araarama Isarraa hin barbaadduu!

Rabbiin akka namni guyyaa badii balleesse toobatuuf halkan harka isaa diriirsa. Akkasumas akka namni halkan badii balleesse tawbatuuf jecha guyyaa harka isaa diriirsa. Rabbiin sababa itti dhiheeffachuu jaalataa gara isaatti hin deebituu!



Waan nama ajaa'ibu jecha nama tawbaa godhuu kan 'yaa Rabbi guddina keetiifi xinneenya kiyyaanin akka na rahmattu sikadha' jedhuu maalumatu akkana mi'eesse!

Humna keetiifi dadhabbii kiyyaan, narraa duroomuu keetiifi sitti haajomuu kiyyaanin si kadhaa kuni sammuu kiyya kijibduu dogongortuutu fuuldura kee jirti. Gabroonni kee ana malee baay'eedha; ani immoo si malee gooftaa hin qabu. Bakki sirraa itti dabanuufi wanti ittiin bilisa bahanu si malee hin jiru. Kadhaa hiyyeessaan si kadha. Watwaannaa gadi jedhaa xinnaataan sitti watwaata. Kadhaa sodaataa miidhamaan si kadha. Sodaa nama mormi isaa Siif gadi jettee, funyaan isaa Siiflafatti rigamte, ijji isaa siif imimmaan dhangalaafteefi qalbiin isaa siif laafteen si kadha.

Mee seenaa kana xiinxalii ragaa isheen waa'ee tawbaa keessatti qabdus hubadhu:

Nama gaarii tokkotu karaa irra deema ture. Balbala banamee daa'imni tokko birmachiifataa boo'aa irraa ba'u arge. Haati isaa immoo duuba isaarraa hanga inni ba'utti isa ariiti. Hulaa itti cuftee ol seente. Daa'imichi xiqqoo wahii qofa deemee dhaabatee xiinxale. Mana isa keessaa baafame malee bakka qubatu hin arganne; haadha isaa malees nama ofitti isa qabu hin arganne. Qalbii cabee gaddaa deebi'e. Hulaan cufaa ta'uu argee isatti hirkatee fuula isaa muka

hulaa irra kaayyate. Haala imimmaan fuula isaarra jiruun rafe. Haati isaa yeroo hanga ta'e booda baatee yeroma haala kana irratti argitu of to'achuu dadhabdee irratti of darbite. Ofitti isa qabdee boo'aa dhungatte. Ni jette: 'yaa ilmoo koo eessa narraa deemta? Ana malee eenyutu ofitti si qaba? Na hin faallessin siin hin jennee? Faallaa waan rahmata keetiifi marartee kee Rabbiin irratti na uumee akka ani adabbii sirra kaa'u na hin kakaasin siin hin jennee?' jettee ergasii fudhattee manatti ol seente.

Garuu Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: “wallaahii Rabbitu hanga isheen kun ilma ishee mararfaturra gabroota isaa mararfata.”Muslimtu gabaase.

Rahmanni haadhaa rahmata Rabbii isa waan hunda wal ga'e biratti ogga madaalamtu hangam geessi? Rabbiin ogga gabrichi gara isaatti tawbate ni gammada. Rabbii gammadu irraa immoo yoomuu khayrii hin dhabnu.

Tajaajilaa Ergamaa Rabbii ﷺ kan ture Abuu Hamzaa, Anas bin Maalik Al-Ansaarii irraa odeeffamee ﷺ ni jedhe: Ergamaan Rabbii ﷺ ni jedhan: “Rabbiin tawbaa gabricha Isaatti, hanga tokkoon keessan yeroo gaala gammoojjii gogaa keessatti jalaa baddee turte argatu gammadu caalaa gammada.” Bukhaarii fi Muslimtu gabaasan. Gabaasa Muslim keessatti immoo “Rabbiin yeroo gabrichi Isaa gara Isaatti tawbatu garmalee

gammada. Gammachuun Isaa kunis akka nama gammoojjii gogaa keessatti gaalli inni yaabbatee ture kan nyaannii fi dhugaatiin isaa hundi isii irra jiru jalaa baddee, sana booda barbaadee dhabuun abdiin muratee gara muka tokkoo dhufee gaaddisa isaa jala odoo ciisuu gaalattiin inni dhabe dhuftee kan isa bira dhaabbattu argee luugama isii qabuun, gammachuu cimaa irraa kan ka'e dogoggoraan 'yaa Rabbi! Ati gabricha kiyya, ani immoo gooftaa keeti' jedheeti."

Yaa obboleesso! Beeki. Diliin nama tawbaa dhugaa tawbatuuf fuuldura Rabbiitti of xiqqeessuu uumaaf. Warri tawbatan immoo Rabbiin aalamaa biratti jaallatamoodha.

Mu'uminni diliin isaa fuuldura ija isaa dhaabnaan qalbii cabuufi Rabbiif of xiqqeessuu isaaf uumti. Diliin sana khayrii baay'eedhaan bakka buusa. Hanga shayxaanni yaa badii koo odoon diliin kana isa hojjachiisuu dhiisee maal qaba jedhu tokko khayrii bakka buusa. Kanaafuu garii warra tawbatuu hanga tawbaa isaa irratti hundaa'uudhaan haala tawbaan dura ture irra gaarii ta'ee argama.

Rabbiin yoomuu ogga gabrichi isaa gara isaa deebi'ee tawbataa itti dhufe isa hin dhiisu. Mee odoo daa'imni kan mana abbaa isaa keessa jiraatu ta'ee abbaan isaa nyaataafi dhugaatii gaarii isaaf dhiheessuufi huccuu gaarii isa uffisuu, guddisa gaarii isa guddisuufi qallaba isaaf kennu

ta'ee, waan bu'aa isaa hundaan kan dhaabbatu ta'ee abbaan guyyaa tokko haajaa wahiitti isa ergee diinni wahii karaa irratti bahee isa booji'ee isa hidhee hidhaa isaa cimsee fuudhee gara biyya diinaa ittiin deemee faallaa waan abbaan isaa ittiin isa jiraachisaa tureetiin isa jiraachisee, hanguma guddisaafi tola abbaa isaa yaadatuun qalbii isaarra miirri gaabbii ol ka'ee waan irra tureefi qananii hunda yaadate.

Odoma inni boojuu diina isaa keessatti adabbii hamaa isa dhandhamsiisuu dhumarratti isa gorra'uu fedhuu, ogguma kana mil'uun wahii gara mana abbaa isaatti isa buttee abbaa isa isatti dhihoo argee gara isaa deemee irratti of darbatee yaa abbaa koo! Yaa abbaa koo! Yaa abbaa koo! Ilma keetiifi Waan inni keessa jiru ilaali; jedhee imaamman irra yaa'ee innimmoo abbaa isaatti maratee itti rarra'ee, diinni isaa immoo isa barbaachatti jabaatee odoo inni abbaa isaatti maratee jiruu itti dhufee mataa isaa irra dhaabate.

Yeroo kana abbaan isaa diina isaatti isa kennee gadi dhiisa jechuu yaaddaa? Rabbiin isa rahmanni Isaa marartee abbaan ilmaaf qabu, haati ilmoo isheetiif qabdu caalu immoo akkamitti yaaddaree? Yeroo gabrichi gara isaatti baqatee diina isaarraa gara isaatti dheesse, hulaa isaarratti of darbee isa duratti boo'aa fuula isaa biyyoo balbala isaa keessa rirriitee 'yaa Rabbi nama si malee kan isa mararfatu



hin jirre, si malee kan isa tumsu hin jirre, si malee kan ofitti isa butu hin jirre, si malee kan isa gargaaru hin jirre hiyyeessa kee, kadhataa kee mararfadhu. Situ isa tiksa; bakki inni itti dabus si qofa. Bakki itti dabaniifi wanti ittiin bilisa bahan si malee hin jiru' jedhu Rabbiin akkam isa godha jechuu yaadda?

Amma gara hojii khayrii hojjachuu, gaggaarii carraaqqachuu, hiriyoota gaarii qabachuutti kottaa. Qajeeluma booda jallachuu, eega sirraa'anii dogongoruu irraa bareechaa eeggadhaa.

Wassalaamu Alaykum Warahmatullaahi wabarakaatuh.



IslamHouse.com

IslamHouseOr

IslamHouseOR/

islamhouse.com/or/

IslamHouseOr/

For more details visit
www.GuideToIslam.com



contact us :Books@guidetoislam.com

Guidetoislam.org

Guidetoislam1

Guidetoislam

www.Guidetoislam.com



المكتب التعاوني للدعوة وتوعية الجاليات بالربوة

هاتف: +٩٦٦١١٤٤٥٤٩٠٠ فاكس: +٩٦٦١١٤٩٧٠١٢٦ ص ب: ٢٩٤٦٥ الرياض: ١١٤٥٧

ISLAMIC PROPAGATION OFFICE IN RABWAH

P.O.BOX 29465 RIYADH 11457 TEL: +966 11 4454900 FAX: +966 11 4970126